**YUUNIVARSIITII SAAYINSIIFI TEEKNOLOOJII ADAAMAA**

**MANA BARUMSA NAMUMMAAFI SEERAA**
**MUUMMEE AFAAN OROMOO**

**QOPHEESSAAN: JIMAA NUUREE DHEEKKAMOO**

**AMAJJII, 2008**
**ADAAMAA**

**YUUNIVARSIITII SAAYINSIIFI TEEKNOLOOJII ADAAMAA**

**MANA BARUMSA NAMUMMAAFI SEERAA**
**MUUMMEE AFAAN OROMOO**

# XIINXALA ERGAA FAARUU BOO'ICHAA OROMOO ARSII NIITIIN DHIIRSA FAARSITU

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMATAA (MA) BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUU GUUTTACHUUF QOPHAA'EE MUUMMEE AFAAN OROMOOTIIF DHIYAATE**

**QOPHEESSAAN: JIMAA NUUREE DHEEKKAMOO**

**GORSAAN: MAAMMOO MANGASHAA**

**AMAJJII, 2008**
**ADAAMAA**

**XIINXALA ERGAA FAARUU BOO'ICHAA OROMOO ARSII**
**NIITIIN DHIIRSA FAARSITU**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMATAA (MA) BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUU GUUTTACHUUF QOPHAA'EE MUUMMEE AFAAN OROMOOTIIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII SAAYINSIIFI TEEKNOLOOJII ADAAMAA**

**MANA BARUMSA NAMUMMAAFI SEERAA**
**MUUMMEE AFAAN OROMOO**

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Guuttachuuf Qophaa'e Mata Duree "Xiinxala Ergaa Faaruu Boo'ichaa Oromoo Arsii Niitiin dhiirsa Faarsitu Godina Shawaa Bahaa Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa Keessatti" jedhuun Jimaa Nuureetiin Kan Qophaa'e Sadarkaa Madaallii Isaa Guuteera.

**Koree Qorannoo**

Qoraa Keessaa______________________Mallattoo__________Guyyaa___________

Qoraa Alaa_________________________Mallattoo__________Guyyaa___________

Gorsaa_____________________________Mallattoo__________Guyyaa_____________

______________________________________________________________________

Itti gaafatamaa Muummee ykn walitti qabaa sagantaa digirii lammaffaa (MA)

**Galata**

Waaqayyoo isa hojii qorannoo kana keessatti fayyaafi carraa kana naa kennee akkan hojjedhu na gargaareef galanni haata'un jedha. Itti aansuun gorsaa koo Kadh.Ph.D Maammoo Mangashaa galma ga'iinsa qorannoo kanaaf jalqabaa kaasanii yeroo isaanii aarsaa godhanii yaadaafi ogummaan nadeeggaruun gorsaafi gargaarsa ogummaa naa gochuun na qajeelchaa turaniif galanni koo guddaadha.

Itti aansuun obboleessa koo kan qarshiifi yaadaan na deeggare: Obbo Gammadoo Nuuree fi hiriyyoota koo Barsiisaa Amaan Ganamoo, Ibraahim Daaliyyoofi Dachaasaa Bokoree kanneen beekumsaafi muuxannoo isaanii naa qoodaniifi meeshaa barreessaafi kitaabilee wabii naa ergisan Barsiisaa Diimaa Abbabaafi namoota yeroon odeeffannoo kana funaannachaa ture kaameeraan naa waraabanis ta'e kallattii adda addaan deeggarsa naa godhan Obbo Habiib Bantiyyoo guddaan isaan galateeffadha.

Itti dabalees, namoota qorannoo kana keessatti akka madda ragaatti yeroon odeeffannoo funaannachaa ture nuffii tokko malee odeeffannoo naakeennaniifis galanni koo bakka isaan jiranitti isaan haaqaqqabun jedha.Dhumarrattis, hoggantoota mana barumsaa Qophaa'inaa Bulbulaafi sadarkaa 1ffaa Bulbulaa meeshaalee adda addaa naa ergisuufi waraqaa qorannoo naa baay'isuu irratti yeroo hojii kana hojjedhu akkan hojjedhu yeroo hojiillee haala mijeessuun waan na deeggaraniif galanni koo isaan haaqaqqabun jedha.



**JIBSOO (HIIKA JECHOOTAA BU'UURAA)**

Ajoo……………..………………………. Muka gammoojjii qoree qabu
Barsee………………………………………… Kadhattuu yookiin rakkattuu
Biinxame……………………………………. Garaan baay'ee na nahe
Dhabanaase……………………………………Kabale yookiin rukute
Dooqa………………………………………..Magaala bareedduu
Finna……………………………………………Ijoollee yookiin daa'imman
Fuunduree………………………………………Moonaa keessa gara duubaa
Ganyaa………………………………………… Haawwota (dubartoota)
Gardabara……………………….……………Jijjiirama baatii
Giggishaa……………………….……………Itillee midhaagaa
Gurgura………………………………………Heeruma duabaraa
Hajjaajjii……………………………………Maqaa kabajaa
Hoolee………………………………………Arrii qabaachuu
Huuruu………………………………………Sagalee boo'ichaa
Itoo……………………………..…………Dhiiga diimaa
Kararchiisa…………………………………Boochisa
Kiila lixuu……………………………………...Aannan goromsa dhiibbaa daakuu
Kooluu…………………….……………..Kennaa loonii
Makkaadha…………………………………..Yaada hamaa
Makkallaa……………………………………Muka dhanquu qabu
Manshita……………………………………Sagalee gara nyaattoo
Mishiqqee……………………………………Ilkaan adii
Muttaaraa…………………………….…Gooftaa, abbaa manaa (dhirsa)
Muunjalee…………………………….........Raammoo sababa yaruutiin lukatti galtu
Muxaa………………………………………Mallattoo adii dhumaa kan qabu
Naqasaa…………………….………………Danoo, xiinxanaa
Qaxxisiise……………………………………Sagalee dhageessise
Sabbooqa……………………………………Diimtuu bareedduu
Saphii…………………………………………..Rifeensa qaama saala irratti margu
Shifiniina………………………………………Muka ija, ija qabu
Shullite…………………………………………Dhokattuu (Tasee)



**Baafata**


**Qabiyyee** **Fuula**

Galata i
Hiika Jechootaa ii
Axeerara v

**BOQONNAA TOKKO**

**1. SEENSA**

**1.1.** Seenduubee Qorannichaa 1
**1.2.** Hima Qorannichaa 2
**1.3.** Kaayyoo Qorannichaa 3
**1.3.1.** Kaayyoo Gooroo Qorannichaa 3
**1.3.2.** Kaayyoo Gooree Qorannichaa 3
**1.4.** Barbaachisummaa Qorannichaa 4
**1.5.** Daangaa Qorannichaa 5
**1.6.** Hanqina Qorannichaa 5

**BOQONNAA LAMA**

**2. SAKATTA'A BARRUU**

**2.1.** Maalummaa Afoolaa 6
**2.2.** Faayidaa Afoolaa 7
**2.3.** Amaloota Afoolaa 9
**2.4.** Maalummaa Afwalaloo 11
**2.5.** Faaruu Boo'ichaa 12

**BOQONNAA SADII**

**3. MALA QORANNICHAA**

**3.1.** Madda Ragaalee 14
**3.2.** Iddattoofi Tooftaa Iddatteessuu 14
**3.2.1.** . Iddattoota 15
**3.2.2.** . Tooftaa Iddatteessuu 15
**3.3.** Meeshaalee Ragaan Ittiin Funaanamu 16
**3.3.1.** Af-gaaffii 16
**3.3.2.** Daawwannaa 17
**3.4.** Mala Ragaaleen Ittiin Hiikamu 18
**3.5.** Ibsa Bakka Qorannichaa 18



BOQONNAA AFUR

4. DHIHEESSA, XIINXALAAFI HIIKA RAGAALEE

**4.1.** Haala Waliigala Raawwii Sirna Boo'ichaa 23
**4.2.** Haala Waliigala Raawwii Sirna Boo'ichaa 31
**4.2.1.** Faaruu Boo'ichaa Kabajaafi Ulfina Dhirsaa Ibsu 32
**4.2.2.** Faaruu Boo'ichaa Jaalala Dhirsaa Ibsu 35
**4.2.3.** Faaruu Boo'ichaa Hayyummaa Dhirsaa Ibsu 36
**4.2.4.** Faaruu Boo'ichaa Durummaa Dhirsaa Ibsu 37
**4.2.5.** . Faaruu Boo'ichaa Gootummaa Dhirsaa Ibsu 39
**4.2.6.** Faaruu Boo'ichaa Hawwii Dhirsaa Ibsu 42
**4.2.7.** Faaruu Boo'ichaa Haqa Jiru Ibsu 45
**4.2.8.** Faaruu Boo'ichaa Arraba Agarsiisu 47
**4.2.8.1.** Faaruu Boo'ichaa Arraba Wasiilaa Ibsu 47
**4.2.8.2.** Faaruu Boo'ichaa Arraba Masaanuu Ibsu 50
**4.2.9.** Faaruu Boo'ichaa Yeroo Niitiin Dhirsa Faarsuu Wallaalte Ibsu 51
**4.2.10.** Faaruu Boo'ichaa Dhirsa Aanaan Tuffatu Mormu Ibsu 53
**4.2.11.** Faaruu Boo'ichaa Aanaa Dhirsa Diinni Ajjeeseef Akka Haluu Baasaniif Ibsu 54
**4.2.12.** Faaruu Komii Agarsiisu 55
**4.2.12.1.** Faaruu Boo'ichaa Niitiin Komii Dhirsaa Ittiin Ibsattu 55
**4.2.12.2.** Faaruu Boo'ichaa Niitiin Komii Masaanuu Ittiin Ibsattu 56
**4.2.13.** Faaruu Boo'ichaa Niitiin Abdii Kutachuu Ittiin Ibsattu 57

**BOQONNAA SHAN**

**5. GOOLABAAFI YAADA FURMAATAA**

**5.1.** Argannoo 60
**5.2.** Goolabaa 61
**5.3.** Yaada Furmaataa 63

Wabii

DABALEE (DUUKA BUUTUU) A
DABALEE (DUUKA BUUTUU) B
DABALEE (DUUKA BUUTUU) C
DABALEE (DUUKA BUUTUU) D
DABALEE (DUUKA BUUTUU) E
DABALEE (DUUKA BUUTUU) F

# AXEERARA

Kaayyoon qorannoo kanaa Xiinxala ergaa faaruu boo'ichaa Oromoo Arsii niitiin dhirsaa faarsitu haala qabatamaa Godina Shawaa Bahaa Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa keessatti raawwatamaniidha. Haaluma kanaan qorannoo kana keessatti faayidaa faaruun boo'ichaa Oromoo Arsii jireenya hawaasaa keessatti qabu, qabiyyeewwan faaruun boo'ichaa Oromoo Arsii ofkeessatti hammatu, yeroofi bakka itti raawwatamu, eenyuun sirni kun akka raawwatamuufi hiikaa faaruun boo'ichaa hawaasa keessatti qabu irratti xiyyeeffata.Odeeffannoon qorannichaaf ta'us, mala akkamtaatiin walitti qabamuun gaggeeffame.Ragaawwan kunis, haawwota, manguddootaafi hojjattoota ogeeyyii waajjira aadaa turiziimii ogummaa faaruu boo'ichaa qabaniifi hirmaannaa taasisan irraa mala funaansa ragaa kanneen akka afgaaffiifi daawwannaan funaanname. Qorataan kun maloota iddattoo miti-carraa keessaa mala iddatteessuu akkayyoo (purposive sampling) fayyadamuun ergaa faaruu boo'ichaa xiinxaleera. Adeemsi madda ragaa qorannichaas madda ragaa tokkoffaa yommuu ta'u, kunis ragicha qabatamaa taasiseera.

Haaluma kanaan as keessatti haawwonni yeroo faaruu boo'ichaatiin faarsan haala hawaasni duudhaa sana kabajuu qabu ibsameera.Sirnaawwan faaruu boo'ichaa kana keessatti haawwonniifi manguddoonni yeroo boo'ichaa uffannaa aadaafi meeshaalee akka fakkoomiitti tajaajilan qabatanii raawwatu.Kunis dhaamsa faaruu boo'ichaa sana keessaan hawaasaaf dabarsuu barbaade hubachiisuudha. Kana malees, qabiyyeen faaruu boo'ichaa Oromoo Arsii Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa haala qoqqoodamiinsa isaanii waliin xiinxalamanii ibsamuuf yaalamaniiru. Faaruu boo'ichaa Oromoo Arsii kana akka gara fuulduraatti kana caalaa ifa bahee mul'atuuf dhaloonni jiruufi qaamni mootummaa dhimma kanarratti qorannoon gaggeeffamuufi akka ragaa qindaa'aan argamu taasisuuf carraaquu qabu.

# BOQONNAA TOKKO

# 1. SEENSA

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Afoolli oguma afaanii, kan osoo hinbarreeffamin dubbatamu, kan gochaan raawwatamu, kan aadaa, seenaa, falaasama, duudhaa, barnootaa, walumaagalatti galmee jiruufi jireenya ilmaan namaa ta'ee afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbuudha.

Afoolli mallattoo yookaan alaabaa ummata tokkooti. Haala ittiin bulmaataa, barmaatilee eenyummaa ummata tokkoo calaqqisiisa. Afoolli jaalalaafi jibba, gaddaafi gammachuu, kolfaafi boo'icha, deeggarsaafi mormii, haala jiruufi jireenya bara baraa keessatti wantoonni hawaasa tokko qunnaman kanneen akka beelaafi quufaa, balaa uumamaa: hoongee, bokkaa, galoo, bubbee hamaafi kan kana fakkaatan afoolaan ibsatu/yaadatu.

Afoolli aadaa hawaasa waliigalaa/addunyaa keessatti waan ittiin walfakkaatu qaba. Kunis, waa'ee dhuftee dhala namaa irraa kaasee haala amma keessa jiruufi wanta fuula duratti dhufu agarsiisuun, eenyummaa hawaasa tokko kan tursiisu ta'uusaati. Yaaduma kana Dorson (1972:16) "Under the rubric (Oral literature) fall spoken, song and voiced forms of traditional utterance that shows repetitive patterns" jedha. Dhimmi kun hawaasa keessatti irra deddebi'anii faaruufi sagaleedhaan wal-dhageessisanii ergaa kan dabarfatan ta'uu nuhubachiisa.

Afoolli, kuusaa beekumsaa, muuxannoofi muudannoo dhala namaa afaaniifi gochaan dhalootaa dhalootatti kan dabarsuudha. Qabiyyeewwan afoola keessatti dhiyaatan gartokkeen tokko afaaniin yemmuu dabru, gartokkeen immoo sochii kan barbaadu ta'u. Karaa biraatiin, yeroo tokko immoo afaaniifi sochiis walfaana fayyadamuun dhiyaachuu kan danda'uudha. Haaluma kanaan, afoolli hojii kalaqaa sammuu hawaasaa afaaniinis ta'ee, gochaan labataa labatatti daddarbaa dhufe jechuu dandeenya.

Hayyuun Ruth Finnegan (1970:83) immoo, afoolli hojii aadaa kalaqa hawaasaa haala midhaagina qabuun afaaniin dhalootaa dhalootatti dabarsuudha jetti. Akka yaada hayyuu tanaatti, afoola og-barruu irraa adda baasuuf afaanitti fayyadamuun xiyyeeffatamus, kanneen gocha barbaadanis nijiru.

Haaluma kanaan, ummanni Oromoo akkuma hawaasa biroo afoolatti dhimma ba'uun, aadaa isaa, jiruufi jireenya isaa, keessahuu, gadda isaa agarsiisuuf, faaruuwwan boo'ichaa gara garaattii dhimma bahuun keessa isaa ibsachaa ture. Misganuun (2011:1) yaada kana yemmuu ibsu, "Qabeenya uummatichaa kan ta'e afoola akka galaanaa lafa guddaa qabatee sammuu ummatichaa keessatti kuufamee jiru gadi ba'ee tajaajila hojii qorannoofi barnootaatti dhufee dhimma itti ba'amuu qaba" jedha. Kanaafuu, ummatichi afoola kanneenittis gargaaramuun keessoo isaatti kan dhaga'ame kanneen akka jaalalaa, jibbaa, gaddaa, gootummaa, kabajaa, misoomaafi kan kana fakkaatan ittiin ibsata.

Kanaaf, qorataan kun xiinxala qabiyyee ergaa faaruu boo'ichaa niitiin dhirsa faarsitu akka Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaatti kan qaaccessu yoo ta'u, innis dagatamee akka hin badneef dhalootaaf hanga ta'e dabarsuufidha. Akka muuxannoo irraa argaa jirrutti, yeroo ammaa kana dubartoonni yoo abbaan warraa irraa du'e bifa qabatama durii saniin gadda ishii ibsachuuf hanqinni dandeettii wolaloo kana qopheeffatanii faarsuu nimul'ata. Kun immoo dhaloonni ammaa kuusaa madda beekumsaa kan ta'e faaruu kallattii kanaan dagachaa jiraachuu isaanii hubachiisa. Kanaaf, qorataan kun faaruun boo'ichaa kan dubartiin abbaa warraa ishii faarsitu kun dagatamuu irraa hafee qabiyyeefi ergaa isaa xiinxaluun qoratanii kaa'uun itti fayyadamuun barbaachisaadha jedheet amana.Faayidaa isaa faaruu yeroo biroo irraa kan adda taasisu kan yoo namni tokko du'e haala adda ta'een ittiin faarfamuudha.

Akkasumas dandeettii hawaasni Oromoo otoo barnoota ammayyaa hinbaratin muuxannoodhaan qabu kana qoratanii ifatti baasuun barbaachisaa ta'ee waan mul'ateef. Karaa biraatiin ammoo, qorannoon mata duree kanarratti hojjetame hanga qorataan kun sakatta'etti waan hinjirreef ka'umsa nita'a jedhee amana.

## 1.2. Hima Qorannichaa

Faaruun boo'ichaa kan niitiin gara nyaattoo dhirsaaf qabdu ittiin ibsachuuf guyyaa dhirsi du'erraa kaasee hanga waggaa tokkootti faarsuudhaan gadda cimaa ta'e ittiin ibsattuudha.

Misgaanuu (2011:83) hawaasa Oromoo keessa boossiftuun ogummaa yookaan leenjii qabaachuun sirna awwaalaa irratti nama du'e faarsuu yookaan faarsitu bal'inaan akka hinjirre hubatama. Haata'uu malee akkuma hawaasa Afrikaa biroo walaloo ogummaafi

faayidaa addaa ofkeessaa qaban kana yeroo gaddaa yookaan boo'ichaa ittiin walfaarfatan niqabu.Walaloowwan kunniinis amaloota adda ta'e kan qaban yoo ta'an, namoonni akkaataa gaddi isaanitti dhaga'ameen kan ibsataniidha.Qorannoon kun barbaachisummaan isaa faaruu boo'ichaa yeroo ammaa kana irranfatamaa jiru kana akka dholoonni kun dubbisee itti faayyadama isaa beeku gargaara.

Faaruun boo'ichaa kan namoonni namoota baay'ee waan jaalatamaa yookaan jaalatamtuu waliin dabarsan tokko yeroo dhaban kan ittiin yaadataniidha.

Qorannoon kun gaaffilee bu'uuraa kanaan gadii deebisa jedhee qoratichi amana. Isaanis:

1. Qabiyyeen faaruu boo'ichaa niitiin dhirsa faarsitu maal fa'a?
2. Faaruun Oromoo Arsii Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa yeroo dhirsi du'e niitiidhaan faarfamu haala akaamiitii dhiyata?
3. Faayidaan faaruuwwan kanneenii dhalootaa ammaaf qabu maal fa'i?
4. faaruun kun haala akkamii keessatti faarfama?

## 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Kutaa kana keessatti kaayyoon qorannoo kanaa tokko tokkoon ibsamee jira. Isaanis kaayyoo gooroofi gooree jedhamuun ibsi itti kennameera.

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa, ergaa faaruu boo'ichaa niitiin dhirsa faarsitu kan Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa xiinxaluudha.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree Qorannichaa

Kaayyoowwan gooreen qorannoo kanaa:

1.Faaruu boo'ichaa niitiin dhirsa faarsitu kun haala akkamii keessatti akka dhiyaatu ibsuu,

2.Faaruun boo'ichaa niitiin dhirsa faarsitu kun yeroo akkamii akka dhiyaatu addeessuu,

3.Faaruun boo'ichaa Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa niitiin dhirsa faarsitu qabiyyee isaa adda baasuu,

4. Ergaa faaruu boo'ichaa niitiin dhirsa faarsitu kan aanaa kanaa qaaccessuufi

5. Rakkooleefi yaada furmaataa faaruu boo'ichaa kanaan walqabatan addeessuudha.

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun barattoota Oromoo Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa adda dureedhaan madda wabii ta'uun nifayyada. Sababni isaas niitiin dhirsi irraa du'e tun faaruu ishee keessatti qabxiilee hedduu kaasti. Faaruuwwaan isheen kaastu kunniin

immoo mana kitaabaa keessa barreeffamaan yoo kaa'aman gama hedduun barattoota ni barsiisa.

Gama biraatiin namoota kallattii kanarratti qorannoo biraa gadi fageenyaan gaggeessuu danda'aniif akka ka'umsaatti ni tajaajila. Keessumaa ogeeyyii hojjattoota waajjira aadaafi turiziimii aanichaa, godinichaafi Oromiyaatiif akka giddu gala kuusaa beekumsaa jechuun faaruuwwan kanneen dagatamee akka hinbadneef qorannoo gahaa akka irratti gageessaniif ka'umsa guddaadha. Akkasumas warri dhiiraa waan fuulduratti isaan eeggatu kana beekanii hojii seenaa keessatti iddoo guddaa qabu hojjachuu akka qaban haalan itti mul'isa. Dubartoonnis gama isaaniitiin faaruu boo'ichaa kana sammuutti qabachuudhaan dhaloota dhufuuf dabarsuu irratti gahee isaanii bahuu akka qaban ifatti kan itti mul'isuudha.

Inni biraan barbaachisummaa qorannoon kun dhaloota kana maraaf qabus, daa'imni dhalatte yaadaafi ilaalcha gaariin/safuu hawaasaa kabajaa akka guddattuuf hubannoo kennaaf.

Dhumarratti qorannoon kun hawaasa Oromoo Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa aadaafi duudhaa isaa kan badaa jiru, faaruu boo'ichaa kana akka deebi'anii guddifatan akka madda wabiitti yoo barreeffamee mana kitaabaa keessa kaa'ame nigargaara.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Daangaan qorannoo kanaa hawaasa Oromoo Arsii Godina Shawaa Bahaa, Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa keessa jiraatan irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, gama qabiyyeetiin immoo, faaruu boo'ichaa niitiin dhirsa faarsitu ergaa isaa xiinxaluu irratti kan daanga'eedha.Qorataan kun aanaa kana keessatti waan dhalateefi aanicha keessa waan jiraatuuf jecha aadaa kana sirriitti beeka jedhee waan amanuuf mataduree kana filatee aanaa kanarratti qorannoo gaggeessuu filateera.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoon kun yeroo gaggeeffamutti qorataa kana rakkoolee garaa garaattu muudate. Rakkoolee adda dureedhaan muudatan keessaa tokko, rakkoo baajataa ture. Qorataan kun barnoota maallaqa dhuunfaa isaatiin waan baratuuf yeroo qorannoo kanaaf deemee odeeffannoo sassaabutti maallaqa ittiin deddeebi'u dhabuun rakkoo jabaa ture. Akka furmaataatti rakkoo kanaaf malli duraa firootaafi hiriyyoota isaa dubbisuudhaan akka gargaaran taasisuun rakkinnicha furee jira. Akka rakkoo lammataatti kan isa muudate immoo, namoota dhimma faaruu boo'ichaan walqabatu kana irratti hubannoo jabaa qaban yeroo beellametti argachuu dhabuufi beellama jalaa daddabarsuu ture. Kana immoo nuffii tokko malee obsaan eeggachuudhaan yeroo namoota kanaaf mijatuu danda'utti irra deddeebiin beellamuudhaan odeeffannooo barbaadu walitti qabachuu danda'eera. Kana malees qorataan kun hojii mootummaa waan hojjachaa jiruuf, yeroo odeeffannoo hamma barbaachisu yeroo barbaachisu keessatti funaanuu dhabuufi baay'ina hojiitiin dhiphachutu ture.Kanas guyyoota sanbattaniifi sa'aa hojii booda deddeebii guddaadhaan osoo hin nuffin rakkinicha furee jira.

Qorannoon kun erga hojjetamee xumurameen booda hanqinni inni qabu, ka'umsa ta'a malee, guutuumaan guutuutti aadaa faaruu boo'ichaa badaa jiru kana rakkina isaa hiikuu dhiisuu danda'a jedhee amana.

## BOQONNAA LAMA

## 2. SAKATTA'A BARRUU

Sakatta'a barruu yoo jedhamu, barreeffamoota hojiiwwan garagaraa duraan dhimmicharratti hojjatamaniin kan wal-ilaallatu sakatta'uun walitti firoomsuuf yaaluudha.Haaluma kanaan, kutaa kana keessatti, maalummaa afoolaa, gosoota afoolaa, faayidaa afoolaa, amaloota afoolaa, maalummaa afwalaloo, faaruu boo'ichaa, yoomessa faaruu boo'ichaafi faayidaa faaruu boo'ichaa ilaalchisuun hojii hayyoota adda addaatiin dalagaman sakatta'amanii dhiyaataniiru.

## 2.1. Maalummaa Afoolaa

Afoolli afaaniin kan dubbatamu, kan sirbamu akkasumas unka sagalee kan irra deddeebi'amuun waljalaa qabuun raawwatamu ta'uu wayita ibsan, George and Owens (1995:175), "under the rubric (oral literature) folk spoken, song, and voiced forms of traditional utterance that shows repetitive patterns" jechuun kaa'anii jiru.
Afoola jechuun akkuma maqaa isaa irraa hubatamu, barreeffamaan osoo hinta'in afaaniin dhaloota irraa dhalootatti kan darbaa dhufeefi kan darbaa jiru; fuuldurattis kan darbu, damee fokloorii aadaa saba tokkooti. Sabni tokko eenyummaa, amantii, haala jiruufi jireenya isaa, heeraafi seera isaa, falaasamaafi hooda isaa, walumaagalatti, ilaalcha addunyaa irra jiru kanaaf qabu gara dhaloota itti aanutti dabarsuuf afoolli shoora guddaa qaba. Dundes (1965:6) afoolli yaada bal'aa kan qabiyyee hedduu keessatti argamu raagoo, afseenaa, oduu durii, baacoo, mammaaksa, eebba, hiibboo, abaarsa, arrabsoo, faaruu, weedduu, nagaa walgaafachuu, shubbisa, ogummaa aadaa, amantii, qoricha aadaafi kkf jedhee ibsa. Yaanni hayyichi kun kaase yaada bal'aafi kan qabiyyee fokloorii jireenya hawaasummaatiin walitti qabsiisee ibse, hiika ga'aa fakkaata.

Afoolli hubannaa hawaasaa ifa baasuufi jireenya hawaasa tokkoo kallattii hedduun agarsiisuu akka danda'u fi humna kan qabu akka ta'e hayyootni Georgefi Owens yoo ibsan, (1995:170) "…it is the case that in folklore implicit world views, principles and themes are made explicit" jedhu.

Haaluma wal fakkaatuun, hayyuun Bukenyan (1994:85) waa'ee afoolaa ilaalchisee yeroo ibsu, "Oral literature is the heart of a people's way of life. It is the very soul of their culture. As the reservoir of a people's values, it expresses a given society's world view and gives them a spring board from which their day-to-day existence is propelled," jedha.Akka yaada kanaatti afoolli, haala jireenya hawaasa tokkoo murteessuufi kuufama beekumsaa kan fuul-duratti hawaasa fuudhee deemu ta'uu isaa hubanna. Hawaasni afoola isaatiin muuxannoo jiruufi jireenyaa, duudhaafi rakkina jireenya keessatti isa mudate ittiin ibsata. Kana malees, muuxannoo hawaasni dur keessa darbe isa amma jiruuf malli ittiin qaqqabu afoolaan. Kana jechuun, afoolli aadaa ummata tokkootti lubbuu horee umrii dheeraa akka qabaatu taasisa jechuudha. Hawaasni tokko seenaa

akkamii keessa darbee akka dhufe adda baafachuuf afoolaafi waan afoola keessatti hammatamaniin ibsata.

Afoola Oromoo keessatti yeroo jalqabaaf abalutu dursee kana yookaan sana jedhe jechuun nama rakkisa. Amala isaa kanatu, afoolli qabeenya hawaasaati isa jechisiisa. Haata’u malee, namni uumamaan dandeettii kalaqqii qabu kalaqee hawaasaaf dabarsuun isaa nama ajaa’ibsiisa. Karaa biraatiin afoolli tokko kan dubbatamu taanaan kan dhaggeeffatus waan jiraatuuf, afoolli hojii gareeti jedhamee beekama.

## 2.2. Faayidaa Afoola

Afoolli, duudhaa ummataa ibsuuf ga’ee guddaa kan qabu ta’u iyyuu, akka ogbarruutti beekamaafi bakka argachaa hinturre. Xiyyeeffannaa haadhabu malee, afoolli saba tokkoof faayidaa guddaa qaba. Ittiin barsiisuuf, bashannansiisuuf akkasumas, safuun hawwaasichaa dhaloota gidduutti tamsa’uufi eegamuu isaa too’achuuf tajaajila. Muuxannoolee jiruufi qorannaalee taasifamanirraa kan hubatamu, ilaalcha jiru mara cabsuudhaan dhalootaa dhalootatti darbaa tureera; har’as darbaa jira. Hunduma caalaa immoo, carraa guddinni barnootaafi ogbarruun isaaf banetti gargaaramuudhaan, afoolli galmeeffamee dhaloota itti aanuuf gara ol kaa’amutti dhufeera.

Yaaduma kana Fedhasaan (2013:53) gosoota afoola Oromoo kanneen keessa tokko faaruu yoo ta’u, “Faaruun, walaloo miira mararfannoodhaan guutamee jiruudha. Namni tokko waan faarsu sana jaalatee mararfata. Wanti faarfamu sunis: biyya, hiriyyaa, haadhaa, abbaa, loon, dachee, Waaqa, gootaafi kan kana fakkaatan ta’uu danda’u” jedha. Ummanni Oromoo afoola midhaagaafi filatamoo ta’an hedduu qaba. Kanneen mul'isuuf ammo, afaanitti fayyadamuun ibsa. Kanaaf, afoolli akka godaambaa seenaafi aadaatti tajaajiluu mala.

Afoolli ummata tokkoo garee hawaasaa sanaaf gaaffilee bu’uuraa ta’an ni deebisa. Keessahuu gaaffilee dhugeeffannodhaan walqabatan kan deebisu yoo ta’u, gaaffilee kanneen akka, ani maali? Eessaayin dhufe? Maaltu na uume? fi kkf kan deebisu afoola. Hawaasni aadaafi duudhaa isaa kan ganamaa afoola fayyadamuun ilmaansaa barsiisa.Ummanni Oromoos ummata bal’aafi gosoota afoolaa daraan bal’aa ta’e

qabuudha. Afoola daraan bal'aa ta'e kana fayyadamuudhaan safuu hawaasaa eegsisuu, amalaafi hojii badaa qeequufi amalaafi hojii gaarii jajjabeessuudhaan shoorri afoolli dalagu olaanaadha. Sabni Oromoo faaruuwwan oolteefi bultee isaa ittiin ibsatu hedduutti dhimma bahaa kan tureefi innis: gadda, gammachuu, beela, quufa, hiyyummaa, soorummaa, dhabuufi argachuu ittiin ibsachaa tureera.

Haata'u malee, qabeenyi hedduufi bal'aan kun otoo hin qoratamin dagatamee waan hafe fakkaata. "Oromo oral poets' tradition is a store house of knowledge capable of yielding great riches if it is critically studied and properly treated" Esheetee (2007:16) . Yaada waraabbii kanaa irraa wanti hubachuu dandeenyu, afwalaloon Oromoo gad fageenyaan otuu qoratamee kuusaa madda beekkumsaa ta'uu isaa ragaa baha. Darbee darbee kan qorannaan irratti gaggeeffame jiraatuyyuu, faaruu boo'ichaa niitiin dhirsa ishee faarsitu irratti qorannoon adeemsifame hanga qorataan kun sakatta'uuf yaaletti hinjiru.

Cunqurfamoonni diddaa isaanii karaa fincilaan yoo ibsatan afoolaa isaanitti dhimma ba'uudhaan mormii isaanii dhageessifatu. Ogeeyyiin fokloorii karaalee afoolaatiin komiifi tuffii ibsatu. Asaffaa ( 2011:13) ummannii dhiibbaa kolonii of irraa qabuuf karaalee afaanii, aadaa, amantaa, hawaasummaafi kkf niin mul'achuu danda'a. Dhiibbaaleen kun ammoo hawaasicha gama siyaasaafi hawas-dinagdeetiin duubatti hanbisuunsaa waan hinoolledha.
Karaa biroo ammoo, hawaasni tokko baroota hedduu acuuccaan irra ture hambaalee isaatti gargaaramee seenaa muuxannoofi muudannoo isaa kan labataa labatatti dabarfatan dhiibbaafi quuqqaa isaanii kan tursiisee bara barri darbu baraan kan ga'u, afoola isaatti dhimma ba'uudhaan. Akkasumas, ummanni sagalee ittiin dubbatu dhabe karaa afoola isaa afuura baafata. Kanaaf, akka hawaasa Oromootti afoolli waan hedduuf ooluu danda'a. Akka ibsuuf yaalametti amala isaa keessatti afoolli jiruufi jireenya hawaasa tokkoof bakka guddaa qaba. Abarraafaa (1999:168-172), faayidaa afoolli ooluuf yoo ibsan, cimsuuf, dabarsuuf, too'achuuf, miliqsuufi barsiisuuf kan gargaaru ta'uu bal'inaan ibsanii jiru.

Walumaa galatti, namni jiruufi jireenya isaa dabarse keessatti miira isaa kan ittiin ibsatu keessaa inni baramaafi mijataa ta'e afoola; keessaahuu faaruudha. Faaruun kun damee afoolaa (ogafaanii) keessaa tokko ta'ee, miiraan kan guuttameefi afaaniin kan faarfamuudha. Ummanni Oromoo miira kallattii kamiinuu itti dhaga'ame kan ittiin

ibsachaa tureefi ammas ittiin ibsachaa jiru; akkasumas, gara fuulduraas kan ittiin ibsatuudha. Haati warraa, abbaan warraa irraa du'es gadda isheetti dhaga'ame ibsachuuf faaruudhaan kan seenessituuf ta'a.

## 2.3. Amaloota Afoolaa

Amalli afoolaa inni guddaan hawaasa hunda biratti argamuu isaati. Karaa biraan hambaa dhalli namaa walirraa dhaalaa dhufe ta'uun isaa beekamaadha. Gareen hawaasaa kamiiyyuu warra guddataa jiranis ta'ee warri guddatan afoola dhuunfaa isaanii niqabu. Afoolli kan ittiin beekamu keessaa inni biroon immoo aadummaan isaa kan hawaasaa ta'uu isaati. Afoola abalutu bara kana akkas jedhe jedhanii waamuun tasuma hin yaadamu. Sababni isaas afoolli qabeenya hawaasa maraati waan ta'eef.

Amalli afoolli ittiin beekamu kan biraan raawwii hurrubummaafi haala keessatti raawwatuun ta'uu isaa hayyoonni ni ibsu. Haaluma kanaan unki afoolaa kamiiyyuu hubatamaafi hiika qabeessa ta'uu kan danda'u haala qabatamaa ta'e tokko keessatti yeroo hurruubamuufi haalli keessatti raawwatu yoo daawwatameedha. Kanas, Fennegan (1970) yeroo ibsitu, afoolli hubatamuu kan danda'u qabatamaan nama waan sana raawwataa jirurratti kan hunda'eefi nama jechoota sana qindeessee haala murtaa'aa tokko keessatti dhiyeessu ta'uu isaati. Yoo kana ta'uu baate, haalli afoolli ittiin hubatamu akka hinjirredha.

Walumaagalatti, amaloota afoolaa hedduu keessaa kanneen bu'uura ta'an: hurruubummaa, lufummaa, ummatummaa, yoomessa, jijjiramummaa, midhaaginaa, hirmaannaa jamaafi kan kana fakkaatan ta'u. Amaloota kanniin gaggabaabsinee yoo ilaalle akka armaan gadii ta'u.

**Hurruubummaa:-** Akka Alamaayyoonfaa (2009) ibsanitti, Hayyoonni hedduun amaloota og-afaanii keessaa hurruubummaan isa bu'uuraa akka ta'e amanu. Hurruubummaan yoo hinjiraanne gosti afoolaa sun jira jechuun hindanda'amu. Kanaaf, hurruubummaan lafee dugdaa afoolaa ta'uu isaa hubanna.

**Lufummaa:-** Afoolli jalqabbii isaa irraa eegalee afaaniin dhalootaa dhalootatti darbaa akka ture ni himama. Akka Berhanun (2009:13) Finnegen(1970) wabeeffatee ibsetti, hiikaan afoolaa aartii oguma afaaniin barsiifata aadaa hawaasa afaaniin dhalootaa dhalootatti darbuudha. Kanarraa kaanee afoolli dhaloota darbee dhaloota har'aa kan dhaqqabe barreeffamaan osoo hin taane afaaniin ta'uu isaati.

**Ummatummaa:-** Afoola kan uumu, kan itti fayyadamu ummata. Kanaafuu, kan ummataati. Yaada kana Misgaanuu (2011:85) akka ibsetti, "Afoolli amala lufummaa irraan kan ka'e yeroo dheeraa keessa abbaan uume irranfatama. Kanaaf, afoolli kan nama dhuunfaa osoo hintaane kan ummataati jenna" jedha. Asirraa wanti hubannu, afoolli kan nama tokkoo yookaan kan abaluuti osoo hin jedhin qabeenya waloo ta'uu isaa beeknee kan itti dhimma baanuudha jechuudha.

**Yoomessa:** Yoomessaan walqabatee immoo, afoolli kun bakkaafi yeroo itti ummataan hurruubamu qaba. Faaruu boo'ichaa namni tokko kan walaleessu yeroo namni du'e qofa. Faaruu misirroos yoo ta'e yeroo fuudhafi heerumaa qofa. Kanarra dhaabbanneet afoola keessatti gochi raawwatamu marti yeroofi bakka itti raawwatu filachuun dirqama jenna.

**Jijjiiramummaa:** Afoolli Oromoo jijjiiramaaf saaxilamaadha. Akka Berhanu (2009) ibsetti, afoolli uumamaan akkaataa dhiyaannaan akka Finnegan (1986:14) daawwattetti sammuu hawaasichaa keessatti yaadatamuun afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbuufi namni dhiyeessu akkaataa jedhuun, caasaa ykn qabiyyee irratti garaagartummaa uuma jetti. Kana jechuun immoo, adeemsaafi turtii yeroo keessa afoola himamu yookaan walaleeffamu sana keessaa, qooddataa, qabiyyee, akkasumas, ergaa jijjiiruun mul'achuu waan danda'uuf, afoolichi jijjiiramaaf saaxilamaa ta'a.

**Midhaagina:** Misgaanuu (2011:85) "og-afaan yoomessa kamiiyyuu keessatti yoo dhiyaatu midhaagina gonfateeti" jedha. Yaada kanarra kaanee afoola lubbuun isaa akka dheeratuufillee midhaaginni kun gahee olaanaa akka taphate tilmaamuun nama hinrakkisu.

**Hirmaannaa Jamaa:** Misgaanuu (2011:87) akka ibsetti, "Oduu durii Oromoos haata'u, taphni ijoollee, mammaaksis bakka jamaan jirutti kan raawwatuudha" jedha.

Kana irraa wanti hubatamu afoolli dhuunfaa caalaa hirmaattota qabaachuun murteessaa ta'uu isaati.

## 2.4. Maalummaa Afwalaloo

Qorattoonni gara garaa afwalaloof hiika adda addaa kennanii jiru. Finnegan, (1977:141) afwalaloon bara giddu galeessa Awurooppaafi Chaayinaarraa ykn immoo Giriikii duriirraa jalqabee biyya lafaa hunda keessa kan tureefi jiru akka ta'eefi afaaniin kan walaleeffamaa tureefi jiru ta'uu isaa ibsitee jirti. Misgaanuu, (2011:61) afwalaloof hiika yoo kennu:

> *Afwalaloon meeshaa guddaa yaada keessa ilma namaa jiru ittiin bakkeetti baafatan ta'ee waan yaadan, waa'ee jaalalaafi jibbaa, abjuufi abdii, uumaafi uumamaa, bareedinaafi fokkinaa, roorro*ofi dhiphuu, hojii, gaddaafi kan kana fakkaatan ittiin ibsataniidha, jedha.

Afwalaloon Oromoo bara daldala garbaan walqabatee jaarraa 19ffaa keessa barreeffamaan mul'achuu jalqabe (Sumner, 1997:3). Akka Finnegan jettutti barri kun bara qorannoo xiinqooqni Afrikaa Awurooppaa keessaatti qoratamuu eegaleedha. Kaayyoon qorannichaas afaaniifi aadaa saba Afrikaa hubachuudhaan amantii Kiristaanaa babal'isuuf ture. Amantii waliin walqabatee yeroo duraaf afoola Oromoorratti kan hojjatame "Jalqaba Barsiisaa" kan Asteer Gannoofi Hiikaa Awaajiitiin bara 1894 barraa'edha. Qabiyyeen kitaaba kanaa waa'ee amantii kiristaanaafi Afoola Oromoo irratti kan xiyyeeffatu akka ta'e qorattoonni akka Asafaa ( 2004: 75)fi Tafarii(2005:180) fa'a ni ibsu.

Itti dabaluunis bara 1922tti hayyuun biyya Xaaliyaanii Cherulli jedhamu afwalaloo Oromoo haala qindaa'ina qabuun qorate.Mata dureen kitaaba sanaa "The folk Literature of The 'Oromo' of Southern Abyssinia" kan jedhu ture. Kitaabicha keessatti cheruuliin sirba gara garaa walitti qabuudhaan ibsaafi qacceessaa, akkasumas yoomessa hurruubummaa isaa waliin ibseet jira. Qabiyyeen kitaaba sanaa weedduu namoota darbanii, weedduu waraana Minilikiifi Oromootiin walqabatu, sirba jaalalaa, sossobbaa daa'immanii, faaruu amantii, weedduu ateeteefi sirba tiksee fa'a ture.

Namoota afwalaloo Oromoo irratti qorannoo gaggeessan keessaa tokko Fiqaaduu Mellesee Gaariiti. Fiqaaduun barnoota isaa digirii lammaffaa guuttachuuf qorannoo hojjate keessatti mata duree “Qaaccessa Ergaa Afwalaloo Oromoo Kanneen Beelaafi Hiyyummaa Ibsan” Dubbii Haalaan Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Aanaa Jimmaa Raareerratti Xiyyeeffachuun kan jedhu filatee kan hojjate yoo ta’u, kaayyoon qorannoo isaa inni guddaan ergaa afwalaloo Oromoo beelaafi hiyyummaa ibsan dubbii haalaa irratti hundaa’uun qaaccessuudha.

Kaayyoo guddaan qorannoo kanaa immoo, ergaa faaruu boo’ichaa niitiin dhirsaaf faarsitu akka Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaatti qabiyyee irratti hundaa’uun xiinxaluudha. Qorannoowwan kun lamaan ergaa afwalaloo Oromoo xiinxaluudhaan kan wal-fakkaataan yoo ta’u, qabiyyee irratti hundaa’uun faaruu niitiin dhirsaaf faarsitu xiinxaluufi haaldubbii irratti hundaa’uun afwalaloo beelaafi hiyyummaa xiinxaluudhaan adda adda ta’u.

## 2.5. Faaruu Boo’ichaa

Afoolli hambaa ilmaan namaa afaaniin dhalootaa gara dhalootaatti darbu akkuma ta’e, faaruun boo’ichaatis amaluma afoolaa kana qooddata. Faaruun boo’ichaa kun kan labataa labatatti daddarbaa dhufee as ga’e barreeffamaan akka barnoota idileetti baratamee osoo hin taane himamsaan abbootii irraa gara dhaloota har’aatti dhufe.Borus afaaniin dhaloota har’aa kana irraa warra boruutti lufuun isaa hinshakkisiisu. Dhalli namaa amma jirutti waliin jiraatee gaariifi yaraa waliin dabarsee yoo du’aan gargar ba’u garuu gara nyaattoo jiru ibsachuun waanuma baramaadha. Kanas faaruu boo’ichaa waliif sagaleessuudhaan ibsatu. Faaruu boo’ichaa ilaalchisuun Dasee Goobanaa (1992:25) qorannoo gaggeessе keessatti (Gove 1976:64) wabeeffachuun akkanatti ibse.

> *Dirge is a plasm sung for a departed soul, in the Roman Catholic Church, it is a song or hymn expressing brief or solemnsense of loss esp. to accompany funeral or memorial rites. A piece writing resempling a dirge in being expressive of deep and solemn grief or sense of loss esp. apoem of this kind.*

Xuqata armaan olii kanarraa hubachuu kan dandeenyu, faaruun boo’ichaa amantii Kaatolikii keessatti faaruu lubbuu fooyamteef walaleeffamuudha. Innis faaruu gadda

sukaaneessaa namatti dhaga'ame mul'isuuf faarsaniidha. Keessattuu faaruu sirna awwaalaa irratti barreeffama xixiqqoo harcaatuun gadda keessa ofii ittiin ibsatan mara hammachuu isaa nu hubachiisa. Asirratti wanti beekamuu qabu boo'ichiifi faaruun boo'ichaa adda adda ta'uu isaati. Dasee, (1992:27) akka ibsutti "Imimmaan dhangalaasuufi laagaa banatanii kararuun xooxoo (emotion) baafachuu malee faaruu miti" jedha. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa immoo qabiyyee faaruu boo'ichaa waan ta'eef waa'ee booyaa dhiifnee gara faaruu boo'ichaatti haa xiyyeeffannuu. " Faaruun booyaa eenyummaafi walii maalummaa faarsaafi faarfamaa qofarraa madda". Kana jechuun seenaa jiruufi jireenyaa faarsaafi faarfamaa, akkasumas walitti dhufeenyafi jaalala faarsaafi faarfamaa gidduu jiru irratti hundaa'uun kan faarfamuudha. Niitiinis dhirsi yoo irraa du'e kabajaa, jaalala, hayyummaa, durummaa, gootummaasaa, hawwii, haqa, arraba wasiilaa, arraba masaanuu, dhirsa faarsuu wallaaluu, tuffii, haluu baasuu, komii dhirsaa, komii masaanuu, abdii kutachuufi gahumsa inni qabu walaloodhaan faarsiti. Qorannoon kunis faaruu niitiin dhirsa faarsitu kana akka Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaatti qabiyyee irratti hundaa'uun ergaa isaa xiinxalee jira.

# BOQONNAA SADII

# 3. MALA QORANNICHAA

Qorannoon xiinxala ergaa faaruu Boo'ichaa Oromoo Arsii Godina Shawaa Bahaa Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaarratti xiyyeeffate malafi adeemsa qorannoon tokko hordofuu qabu keessa darbuun kan dhiyaateedha. Malaafi adeemsawwan kunis armaan gaditti toora qabatanii dhiyyaataniiru. Qorataan kun qabxiiwwaan boqonnaa tokkoffaa keessatti eeraman hunda gidduu galeessa godhachuudhaan mala qorannoowwaan jiran keessaa mala qorannoo akkamtaa (qulqulleeffataa) jedhamutti dhimma bahuun qorannoosaa gaggeessuu danda'eera.

## 3.1. Madda Ragaalee

Waa'ee dhimma tokkoo beekuuf yookaan qorachuuf kan barreeffamee jirus ta'ee, namoota seenaa waan qoratamu sanaa beekan qunnamuun ragaa qabatamaa argachuun barbaachisaadha. Odeeffannoo kennitoonni qorannoo kanaa haawwota abbaan manaa isaanii irraa du'aniifi manguddoota Oromoo Arsii Godina Shawaa Bahaa Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa gandoota adda addaa keessatti argaman, hojjettoota ogeeyyii waajjira aadaafi turiziimii aanichaafi namoota umrii gidduu galeessa irra jiraataniifi namoota abbootiirraa waa'ee ogummaa faaruu boo'ichaa gahaa ta'e qabanidha.Kanaafuu, qorannoo faaruu boo'ichaa kana keessatti haawwonni, manguddoonniifi hojjettoonni ogeeyyii waajjirri aadaafi turiziimii aanichaa miseensota yeroo boo'ichi kun raawwatamu argaman akka tuuta qorannichaa ta'anii qoratamanii gaaffiilee banamaa qorannichaaf dhiyaataniif deebii kennaniiru. Adeemsi madda ragaa qorannichaas madda ragaa tokkoffaa yommuu ta'u, kunis ragicha qabatamaa taasiseera.

## 3.2. Iddattoofi Tooftaa Iddatteessuu

Ragaalee qorannoo kanaa funaannachuuf kanneen murteessoon walitti qabamuu qaban namoota haayyotaafi haawwotaa waa'ee faaruu boo'ichaa hubannoo gahaa qabu jedhamaniifi jaarsolii Oromoo Arsii Godina Shawaa Bahaa Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa keessa jiraataniifi hojjettoota ogeeyyii waajjira Aadaafi Turiziimii Aanichaati. Haata'u malee, sabaaba yeroofi hanqina qarshii irraa kan ka'e jaarsotaafi haawwota aanicha keessa jiran hundarraa ragaalee funaanachuun rakkisaa ta'e. Yaada kana Addunyaa (2011:65) akka armaan gadiitti kaa'e .

> *Qorataan tooftaa ammamtaas ta'ee, akkamtaatti gargaaramee odeeffannoo funaanuuf iddattoo filachuun hinoolu. Kanneen dhimmichi ilaallatu hundarraa odeeffannoo funaanuun rakkisaa waan ta'eef iddattoo filataman irraa odeeffannoo argaman bu'uura taasifachuun argannoo isaa qaamolee dhimmichi ilaallatu maraaf oolchuun nidanda'ama.*

### 3.2.1.Iddattoota

Iddattootni qorannoo kanaa, haawwota, maguddootaafi Hojjettoota Ogeeyyii Waajjira Aadaafi Turiziimii Godina Shawaa Bahaa Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa dhimma faaruu boo'ichaa irratti gadi fageenyaan hubannoo gahaa qabu jedhamanirratti ta'ee, isaanis haawwota dubaraa 10fi jaarsota dhiiraa 8 waliigala 18fi ogeeyyii waajjira Aadaafi Turiziimii dhiira 4 yoo ta'an, hirmaattonni waliigala qorannoo kanaaf barbaadaman dhiira 12 dubura 10 waliigala 22 irraa ragaalee sassabadheera.

### 3.2.2. Tooftaa Iddatteessuu

Qorataan kun maloota iddattoo miti-carraa keessaa mala iddatteessuu akkayyoo (purposive sampling) fayyadameera .Iddatteessuu akkayyoo (purposive sampling) ilaalchisee Addunyaa(2011:67) akka ibsutti,

> *Akaakuun iddatteessuu miti-carraa kun qorataan tokko beekumsa dhimmicharratti qaburraa ka'ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda'u murteessuu ilaallata.Akkayyoo kan jedhames 'akka kaayyoo' qorannichaatti yookaan qoratichaatti odeeffataa yookaan dubbistoota filachuu waan ta'eef.*

Kanaaf iddatteessuu mit-carraa keessaa iddatteessuun akkayyoo (purposive sampling)n kun xiyyeeffannoodhaan namoota dhimmicha yookaan waa'ee qorannichaa beekan filachuun ragaalee irraa argachuu waan ta'eef, qorannoo kanaaf filatameera. Dhimmuma kana Addunyaa (2011:67) Berg (2001:32) wabeeffachuun akka ibsutti, "When developing a purposive sample, researchers use their special knowledge or expertise about some group to select subjects who represent this population." Asirraa wanti hubannu, qorattoonni dandeettii yookiin beekumsa dhuunfaa isaanii fayyadamuudhaan, dhimma yookiin mata duree qaama yookiin hawaasa irratti hojjatan sana bakka bu'uu danda'u filatu. Kun immoo kaayyoon qorataa kanaa fuulleffannaan namoota waan sana beekan adda baafatee kan deeme ta'uu isaa mul'isa.

## 3.3. Meeshaalee Ragaan Ittiin Funaaname

Qorannoo tokko geggeessuuf ragaaleen funaanamuu qaba. Kanaaf kana jalatti meeshaalee ragaa qorannoo kanaaf ta'u funaanuufi hojiirra oolutu ibsame. Haaluma kanaan, qorataan kun meeshaalee kanaa gadiitti dhimma ba'uun ragaalee qorannoo

kanaaf ta’u funaannateera. Isaanis, af-gaaffiifi daawwannaadha. Ragaaleen kun yeroo sassaabamutti afgaaffiin maanguddoota dhiiraafi dubaraa qophaa’eefi kan ogeeyyii Waajjira Aadaafi Turiziimiitiif qophaa’e adda adda.

### 3.3.1.Af-gaaffii

Meeshaalee funaansa ragaa jiran keessaa sababni qorataan afgaaffii filateef gaaffilee maaliif yookiin akkamitti, yoomiifi eessatti raawwate jedhee qorannoo isaa keessatti dhiyaatee jiru adda baasuuf dhimma itti bahuu barbaadeeti. Ragaa bifa kanaa qorataan kan barbaadeef haawwota, manguddootaafi hojjattoota ogeeyyii waajjira aadaafi turiziimii muuxannoo aadaa hawaasaa haala qabatamaafi barbaachisaa ta’een ragaa bal’aa of harkaa qaban qaamaan itti dhiyaachuun gaaffilee kallattii waliin dubbii taasisuun deebii quubsaa argachuu waan filateef. Akkasumas, odeeffannoo qabatamaa kallattii kanaan argachuu danda’eera.Odeeffannoowwan karaa afgaaffii kanaan walitti qabamanis, karaa odeeffannoo kennitoota lakkoofsaan 22(digdamii lama) ta’anirraa ragaa qabiyyee faaruu boo’ichaa adda addaa waliin walqabatu yeroo garagaraatti funaannachuun danda’ameera.Qabiyeen walaloo isaa gama afgaaffii kanaan walitti qabamanis, faaruu boo’ichaa kabajaafi ulfinaa, hayyummaa, durummaa, gootummaa, hawwii, haqaa, arraba wasiilaa, arraba masaanuu, yeroo faarsuu wallaalanii, tuffii aanaa, aanaa dhirsaa faarsuu, komii dhirsaa, komii masaanuufi abdii kutachuu niitiin dhirsi jalaa du’e faarsitu gootu fa’aadha.

Itti aansuudhaan immoo, qorataan gaaffii isaa qabatee qaama ragaa isaaf kennu bakka isaan jiranitti deemee haala odeeffannicha itti argatu mijeessee ragaa isaa walitti qabateera. Yeroo kana immoo meeshaalee barreeffamaafi suuraa kaasuuf oolan qopheeffatee waan qabachuu malu mara qabateera . Ragaalee bifa af-gaaffiitiin haawwota, manguddootaafi hojjattoota ogeeyyii waajjira aadaafi turiziimii irraa sassaabbate sana ergaa qabiyyee faaruu boo’ichaa niitiin dhirsa faarsituu isaan gaafachuudhaan xiinxaleera.afgaaffiin sun cufaa osoo hintaane banamaa dha. Itti dabalees, af-gaaffichi af-gaaffii biraa dhaluu danda’eera.

Adeemsolee kanarratti hunda’uun yaada haawwonni, manguddoonniifi hojjattoonni ogeeyyii waajjira Aadaa fi Turiziimiitiin ragaalee isaaf kennan irratti hundaa’ee ragaa walitti qabate hiikuun qaaccesseera.

### 3.3.2. Daawwannaa

Mala ragaaleen qorannoo kanaa ittiin funaaname keessaa inni biroo immoo daawwannaadha. Daawwannaan gosa adda addaa qaba. Qorannoo kana keessatti daawwannaa kallattiin hirmaachisu fayyadamuun ragaaleen funaannameera. Kunis bakka boo'ichaatti argamuun guyyaa shan (5) yeroo niitiin dhirsa faarsitu itti dhiyeenyaafi ifaan daawwachuun namoota muuxannoo walfakkaatu qaban akka isaan faarsan taasisuun daawwadheera. William (2006:72) mataduree 'Qualitative Methods' jedhu jalatti akka ibsetti, daawwannaan kallattii maloota ragaan qorannoo akkamtaa ittiin funaanaman keessaa isa baay'ee beekamaa ta'ee kan qorataan otoo keessatti hinhirmaatin dhaabbatee daawwachuun waraabuudha jedha.

Daawwataan hanga danda'etti daawwannaa sana irratti dhiibbaa osoo hingeessisin sirriitti kan daawwateedha. Kunis daawwannaan kallattii, daawwannaa hirmaachisaa caalaa xiyyeeffannoo kan argateedha. Qorataan otoo keessa hinseeniin kallattiin faaruu faarfame sana daawwachuun fayyadameera. Yeroon inni fudhates akka daawwannaa hirmaachisaa yeroo bal'aa kan fudhatee miti. Innis haaluma kanaan faaruu boo'ichaa niitiin dhirsa faarsitu haala qabatamaa Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa keessatti raawwatame daawwannaa hirmaachisaa osoo hin taane, daawwannaa kallattii fayyadamuun suuraa kaassuufi galmeessuudhaan ragaalee isaa funaannachuun qaaccesseera.

## 3.4. Mala Ragaaleen Ittiin Hiikame Yookiin Qaacceffame.

Qorannoon kana geggeessuun ragaaleen mala adda addaan funaanameera. Maloota ragaaleen ittiin hiikame keessaa mala akkamtaa (qualitative data analysis)ti. Qorannoon akkamtaa hawaasa keessaa seenaa, aadaa, duudhaa, dandeettii, fedhii, jaalala, jibba, walumaa galatti sochii jiruufi jireenya hawaasaa daawwachuufi gaafachuun yaadannoo qabachuufi suuraa kaasuun geggeeffame.Qorannoon adeemsa dirreen yoomessa uumamaa keessatti aadaafi jireenya hawaasaa irratti kan adeemsifame waan ta'eef ragaalee gahaa argachuu akka danda'e nahubachiise.

Malli qorannoo gosa kanaa kan ittiin qaacceffamu mala ergaa xiinxaluun hiikuuti. Kana jechuun mala odeeffannoowwan afgaaffiifi daawwannaan walitti qabaman gadi

fageenyaan xiinxalamanii hiikni gama ergaan jiru kan itti kennamu waan ta’eef qorataan mala kanatti gargaaramuun odeeffannoowwan kallattii garagaraan argaman ragaa kennitoota ergaa isaa gaaffachuudhaan xiinxaluun hiikeera.Odeeffannoowwan karaa garagaraan walitti qabamanis dura walaloo kaa’ee dhumarratti ragaa kennitoonni akka isaan ibsa itti kennanii akkaataa qoqqoodama isaaniin qoqqoodamuun ibsamaniiru.

Waalumagalatti, kana irratti hunda’uun ragaa sassaabame mala miti-carrafi akkamtaatti gargaaramee yaada inni keessa darbe hiikeera.Ragaalee afgaaffiifi daawwannaadhaan argame kana akkuma raga kennitoonni jedhanittiifi daawwatetti kallattiidhaan ergaa yookaan qabiyyee isaa hiikuun raawwatameera.

## 3.5. Ibsa Bakka Qorannichaa


Aanaan Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa Aanota Godina Shawaa Bahaa keessatti argaman kurnan keessaa tokkodha. Aanaa kana argama birqabaatiin yoo ilaalle, kallattii Kaabaatiin Aanaa Dugdaa, Kibbaan Aanaa Arsii Nageellee, Bahaan Godina Arsii fi Lixaan immoo naannoo sabaafi sablammoota ummattoota Kibbaan daangeffamti. Yeroo ammaa kanatti aanaan kun gandoota baadiyyaa 43 fi bulchiinsa magaalotaa afur (4) qabdi. Aanaan kun magaalaa guddoo Finfinnee irraa kiiloo meetira 163 kan fagaattu yoo ta’u, magaalaa guddoo godinaa Adaamaa irraa immoo kiiloo meetira 116 fagaatti. Gama argama astiroonoomitiin yoo ilaalle immoo, aanaan tun $7.37^o$ — $8.04^o$ N laatituudiifi $38.32^oE$ —$39.04^oE$ loongituudii irratti argamti.
Haalli qilleensa aanichaa dhibbeentaa 10 baddaafi dhibbeentaa 90 gammoojjii kan ta’eedha. Hoo’i teempireecharaan aanichi argattu olaanaan digirii seentigireedii 27 fi gadaanaan immoo, digirii seentigireedii 12 yoo ta’u, olka’iinsi lafaa sirrii galaanaa irraa meetira 1500 hanga 2328 ta’a. Giddu galeessaan rooba waggaatti 600ml hanga 800ml argatti.

Afaanonni naannoo kanatti dubbatamanis lakkoofsaan hedduudha.Kana jechuun ummanni Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa keessa jiraatan sabaafi sablammoota garagaraati.Keessamattuu ollaa ummattoota kibbaa jiraachuusheetiin afaanonni naannaa kibbaatti dubbataman hedduun isaanii aanaa kana keessatti akka dubbatamaniif daandii saaqee jira. Haata’u malee, harki guddaan Afaan Oromoottu


dubbatama.Keessattuu Afaan Oromoo afaan mootummaa naannoo ta’uusaatiin Waajjiralee hunda keessatti afaan hojii, afaan barnootaafi afaan walii galtee ta’uun kan tajaajiluudha.

Amantaawwan Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa keessatti beekaman yookiin gaggeeffamanis: Pirootestaantii, Ortodoksii, Islaama, Kaatoolikiifi Adiventistii faa’adha.Amantaawwaan kunneen akkuma jiranitti ta’ee amantaan Islaamaa dhibbantaan olaanaadha. Kunis ummata naannoolee fi godinaalee biroo irraa dhufan irraa kan hafan hawaasni aanaa kanaa irri caalaan amantaa Islaamaa kan hordofanidha.Kun immoo lakkoofsi amantaa Islaamaa kanneen kaan irra akka caalu taasiseera. Aanaa kana keessatti amantaan gosa hedduu jiraatuyyuu waldanda’uun waliin jiraatu.Ummanni aanaa kanaa akkuma ummata aanaaleefi godinaalee biroo aadaa, amantaa, barsiifata, meeshaalee aadaa, aartiiwwan aadaa, nyaata aadaafi duudhaawwan dhaloota irraa gara dhalootaatti darbaa dhufe bal’aa qabu.

Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa keessatti akka manguddoonni Oromoo Arsii aanaa kanna kesssa jiraan natti himanitti hidda latiinsa Oromoo Horoo irraa ka’uun duraa duubaan xiinxalamee hanga damee muraasaatti ni mul’ata. Damee ummata Oromoo Arsii keessaa damee Utaa Waayyuu jedhamantu bal’inaan qabatee argama. Dameen Oromoo Arsii Utaa waayyuu kunis hidda latiinsa Oromoo keessatti akkamitti akka hiriiree argamu akkaataa armaan gadiin argama.




**SIKKOO** **MANDOO**




Sikkoon ilmaan shan qaba. Ilmaan shanan keessaa Bullaallaan ilma angafaa jedhamee kan waamamu yoo ta'u, Waacaleen ilma lammaffaati. Haala kanaan angafa irraa gara quxusuutti ilmaan Sikkoo tarreeffamanii jiru.

**MANDOO**





Mandoon ilmaan toorba qaba.Ilmaan toorban keessaa ilmi angafaa Raayyaa jedhamuun waamama. Raayyaanis gosa xiqqaa soddoomii sadii of keessaa qaba.Latiinsa Oromoo Arsii jiran keessaa Utaa Waayyuutu beekama.Latiinsa Oromoo Arsii keessaa Waayyuun damee Utaa caalaa Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa keesstti bal'inaan argama.Akkasumas Utaan angafa yoo ta'u Waayyuun quxusuudha.Sirna yaa'ii Oromoo Arsii Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa keessatti Utaan waamee, waayyuun awwaata jedhamee beekama.Kana jechuun akka aadaa Oromootti angafaaf dursi kennama jechuudha.Akkasumas, Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa birattis, angafaaf jalqabni kennama.Isaan lamaan hortee mataa mataasaanii ofjalaa qabu.Fakkeenyaaf:

**WAAYYUU**




**1.WAAYYUU ALBASOO**



Qorabdoo Egoo Maccituu Qagoo kojii Farsana Amballaa Adaree

Waayyuu Albasoo, ilmaan waayyuu keessaa isa angafa ta'ee, ofiisaa ilmaan saddet (8) qaba. Ilmaan saddeet keessaa Qorabdoon ilma angafaati.Eegoon immoo ilma isa lammaffaati.Haaluma kanaan ilmaan isaa lakkaa'amanii dhumarratti ilma quxusuu kan ta'e Adaree jedhamee beekama.

Aadaalee bal'inaan Oromiyaafi Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa keessatti hordofaman keessaa qabxii ijoo qorataan kun qabatee qorannoosaa gaggeesse, Xiinxala Ergaa Faaruu Boo'ichaa Oromoo Arsii Niitiin Dhirsa faarsitu Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa keessatti yeroo dhirsi tokko du'e raawwataman qabiyyee isaa xiinxaluu kan jedhurrattidha.

## BOQONNAA AFUR

# 4. DHIHEESSA, XIINXALAAFI  HIIKA RAGAALEE

Boqonnaa kana keessatti dhiheessa, xiinxalaafi hiika ragaaleettu taasifamee jira. Adeemsi dhiheessa, xiinxalaafi hiika ragaa kan taasifame, ragaan  haawwotaafi  manguddoota dhiiraa aadaa naannoo sanaarratti hubannoo bal’aa qabaniifi hojjettoota ogeeyyii waajjira aadaafi turiziimii kallattii meeshaalee funaansa ragaalee adda addaatiin walitti qabaman afaaniin  haala kamiin akka dhiyaatu, maaliif akka jedhamu ergaa isaa xiinxaluun hiikamee jira. Malli ragaaleen ittiin xiinxalamanis, ragaalee kallattii afgaaffiifi daawwannaan  argaman  mala akkamtaa /qulqulleeffataa  (qualitative data analysis)ti . Ragaaleen kallattii kanaan xiinxalamanis, hiikamaniiru.

## 4.1. Haala Waliigala Raawwii Sirna Boo’ichaa

Niitiin dhirsi irraa du´e gaafa inni du´e irraa jalqabdee hangaa waggaa tokkotti gufufti. Hanga guyyaan mataa (dabbasaa) dhirsaaf murattu gahutti uffatuma guyyaa dhirsi du´e ofirraa qabdu sana qofa uffattee turti. Halkaanis hinbafaattu. Erga mataa muratteen booda  qaamatti  wayaa gadda dhirsaa ibsu uffatti, mataatti immoo guuftaa adii maraattee hidhaatti, kophee miilaatti hingodhattu, luka qullaa deemti.Barcumaa irra alaa fi manattillee hin teessu.Itillee dhirsaa garaa bantee irra hinraftu, garaa cuftee dugdaa isaa irra rafti, wayaa isaa kan halkanii hinuffattu, nafa hindhiqaattu, hinqayyattu, fardaa hiyaabbattu, qubee qubaafi faaya harkaafi lukaa tokkollee hingodhaattu/ni baafatti/, masoobii dhirsaatti hinyaattu, dhadhaa hin dibattu.

Guyyaa obboleessi dhirsa du´e sanaa mataa yookiin dabbasaa irraa mure malee deebitee mataa ofiifi qaama saalaa irraallee haadduun qaama ishee hin tuqxu. Hanga injiraan isheerraan jigu tokko gufufti.Akka walii galaatti, niitiin dhirsi irraa du’e ta qeensha shaattaa, ta kophee daalattii, ta saphii shuraati.

Niitiin dhirsi irraa du’e yoo idaayyaa taate gosti bahee  daadhii tufee akka isheen yeroo gabaabaa keessatti wasiilatti dhaalamtu taasisa.Kun immmoo, kan raawwatamu yoo dhirsi akkuma niitii fuudheen tasa du’edha.Ijoolleen yeroo kana keessatti dhalatte hundi isaanii akka seera aadaatti maqaa dhirsa du’e sanaan waamamu.Kana jechuun maqaa namicha amma ishee dhaale kanaan hinhimamtu jechuudha.

Meeshaa dhirsi itti fayyadamaa ture kanneen akka qorii, ciicoo, waraanaa,wantee, gaangee, kooraa, barcumaa, shaabbena ,dhagaraa, qawweefi rasaasa, guraadeefi kan kana fakkaatan hangaa guyyaa isheen gufufaa baatuutti nama kamiifiiyyuu hin ergifaamu, niitii isaa wajjiin gufuufa/ gaddaa/ irra tura.

Niitiin dhirsi irraa du´e yoo namni kamiiyyuu du´e bakka boo´ichaa hundaa ni deemti.Sirna gaddaa hundarratti hirmannaa godhuuf bakkatu kennamaf.Irra caalaatti garuu, kan isheen deemtu yoo namni qondaala ta'e du'e bakka boo'ichaa sanatti dhirsa faarsuuf of qopheessitee dhaqxi.Taa'aan gaaddisa boo'ichaa hundi waan waa isheerraa caqasuu barbaaduuf bakka boo'ichaatti gurraa kennaniif caqasu.

Haa ta´u malee, niitiin dhirsi irraa du´e hawaasa wajjiin daadhii dhirsi irra du´e hindhugdu, ganda ollaa hindhaqxu, mana gammachuu kamiiyyuu hinseentu, karaafi gabaa keessatti firaafi nama beektu kamiiyyuu waliin hindhaabbattu yookiin hinhaasoftu.

Niitiin dhirsi irraa du´e kamiiyyuu qabeenya dhuunfaa ishee kan dhirsi itti dhiisee biraa deeme hundaa kunuunfachuu ni dandeetti. Keessumaa kanneen akka horii tiksuu, ameessa elmachuu, aannan raasuu, nyaata tolchuu, dhadhaa kaa'achuu, qonna qotuu, gabaa bahuufi wantoota adeemsa jiruufi jireenya ishee keessatti gufuu itti ta'uu danda´u kamiiyyuu hojjachuun furachuu ni dandeetti.

Niitiin dhirsi irraa du´e yoo akka taasas ta´ee beekaas osoo seeraan hin dhaalamin nama biraa wajjiin hariiroo walqunnamtii koorniyaa yoo rawwaattee argamte, gaafa wanti isheerraa eeggaamu kun bade, adabbii guddaatu ishee eeggata. Waan safuu cabsiteef jecha manaa ari'amti, namni hundi ishee hindubbisu, hanga namni ishee dogoggorse sun seeraan fixatutti ija namaatti hinmul'attu, nidhokatti.
Namni seera kana ishee cabsisiise adabbii cimaa ta´etu isa eeggaata. Innis: kormaa Bokkuu kennee, wayaa uwwisee, gosaa daadhii naqee, obboleessa dhirsa du´ee kan ishee dhaalu sanaaf immoo loon shan kenneefii fixata.

Niitiin dhirsi irraa du´e erga inni du´ee waggaa tokko gahee booda gufufaa baati. Haalli gufufa baasullee obboleessa dhirsa du´ee kan dhalootan isa du´eetti aanu, hangaafa yookiin quxisuu isaa kan ta´eetu niitii dhirsi irraa du´e dhaaluu danda´a.
Haalli isaas wasiilli daadhii naqee gosaa yaamee mataa ishee kan dura gufufaan jiru sana jalqaba dhadhaa diba.Itti aansee halkan mana ishee seene akka inni ishee dhaalu gosti daadhii achitti dhugan murtii kennu.

Isheenis murtii kana fudhattee dhaalamti.Yoo namichi du´e obboleessa hin qabaanne ta´e gosti baate nama tokko kan gosa keessaa isaaf obboleessa yookiin luba isheef ta´e waamanii akka inni ishee dhaalu taasisu.

Niitiin dhirsi irraa du´e erga dhaalamtee gufufa baateen booda, gabaa baatee urgoo bitattee urgaa'aa urgeeffatti, qeensha muratti, saphii haadatti, daadhii dhuguu, cidhaa dhaquu, fardaa yaabbachuu, barcumaa irra taa´uu, nama wajjiin kolfuu, itillee garaa bantee irra rafuu, nafa dhiqachuu, qayyachuu bifa haarawaan jiruu ishee jalqabdi.

Hayyoonni gosa sanaa erga niitii dhirsa du´ee obboleessaaf yookiin nama gosaa tokkoof kennanii dhaalchisaniin booda meeshaa dhirsi dhuunfaa isaatti qabu hunda namoota dhimmi ilaallatu kan adda addaatiif qoodu/dhaalchisu.

Wasiila kan jedhamu obboleessa dhirsa du'ee yookiin nama gosaa kan niitii dhirsi irraa du'e dhaaluu danda'uufi ishee horachuuf fedhii kan qabu, nama niitii sana dhaaletu meeshaa armaan gadii kana fudhata (dhaala).Isaanis: wayaa halkaniifi guyyaa, barcumaa, itillee, ciicoo, qorii, farda, gaangee, meeshaa faaya fardaafi gaangee fa'a dhaalchisu.

Ilmi hangafaa erga niitiin wasiilatti dhaalamteen booda innis meeshaa gahee isaa kanneen armaan gadii kana fudhata(dhaala).Isaanis: halangee, wantee |gaachana, waraanaafi baallii fa'a dhaalchisu.

Niitiin dhirsi irraa du'e erga gufufa baatee wasiilatti dhaalamteen booda meeshaa inni dhuunfaatti duri qabu keessaa kanneen armaan gadii fudhatti (dhaalti)Yoo dhiirsi du'e niitii heddu qabaatellee meeshaan kun kan niitii hangafaa ta'a.Isaanis: hirbooraafi balaqqee dhaalti.

Waan wasiila hintaaane maatiin hundi isaa erga dhirsi du'ee waggaa tokko gahee niitiin wasiilatti dhaalamteen booda qabeenya kanneen armaan gadii kana haala qixa ta'een addaan qooddatu (dhaalu).Isaanis: uffata, lafa, looniifi maallaqa fa'a dhaalu.

Niitiin dhirsi irraa du'e guyyaa dhirsi du´e sana naannoo sa´aa 6:00 hangaa 1:00n giddutti bakka ganyaafi dhiirti gosaa gaaddisaa lama guutanii ta´anitti dhirsa ishee walaloo walaleesssuun faarsuu eegalti.Namni hunduu callisee waan isheen jettee faarsitu kana caqasa.Haalli taa'umsa gaaddisa warra dhiiraafi dubaraa baay'ee kan walitti dhiyaatuufi akka faaruu isheen dhirsa faarsitu sana dhaga'uuf tolutti kan yeroo kamiiyyuu caalaa gaaddisa gurguddaafi babal'aa ta'e filatanii haala callisa ta'een ishee caqasu.

Guyyaan biraa immoo gaafa hiriyyaan jabaan qixxee dhirsa ishee du´e hanga waggaa tokkoo keessatti iddoo kamiiyyuu naannoftee faarsuu dandeetti. Niitiin dhirsi jalaa du´e gaafa dhirsi du´ee kaaftee hangaa waggaa tokkoo iddoo namni hiriyyaa isaa itti du´e hunda deemtee booyuun faarsiti.Yeroo dura bakka du'aa geessu namicha amma du´ee booya geettu sana faarsiti.Erga xinnoo gaaddisa teessee boo´icha sana buufatteen booda dhirsa isheef walalessuun faarsuu jalqabdi. Dhirsi du´e niitii heddu yoo qabaate dabaree dabareen wal caqasuun walalessuudhaan faarsuu eegalu.Yoo isheen hangafaa faarsitee buufatte isheen quxisoon itti aansitee faarsuu jalqabdi.Yeroo niitiin dhirsi irraa du'e bakka boo'ichaa tokko dhuftu taa'aan gaaddisaa hunduu niitiin ebaluu dhuftee har'a maal jedhitti laata miira jedhuun waan eeganiif isheenis akkuma dhuftee boo'icha nama du'ee dhuftee sanaa buufatteen akkana jechuun akka taa'aan gaaddisaa hundi sirritti caqasuuf jecha faaruun ummata ofitti hawwatti.
"Garbuu nyaate naqasaan,
Galtanii nu hamattanii dhirsa faarsinaa nu caqasaa !" jettee walaleessuu jalqabdi.

Dhirsi du´e yoo qondaalaafi niitii heddu qabaate, isheen hangafaa kadhoo qeerransaa isheen gidduu landii ,isheen quxisuu immoo kootii isaa uffattee bakka booyaa namni jabaan hiriyyaa qondalaa dhirsa ishee itti du´e deemtee walaleessuun faarsiti.Dhirsi du'e qondaala nama ajjeese yoo ta'e, niitiin isaa kana ibsuuf jecha yoo bakka boo'ichaa namni jabaan du'ee deemtu siinqeetti hirboora yookiin gogaa fanniftee deemti.Dhirsi du´e yoo qondalaa hintaanee yookiin urkoo ta'e landiifi kootii uffatanii bakka boo´icha hiriyyaa dhirsaa deemuun booyu.

Wasiilli erga niitii obboleessa isaa dhaaleen booda seera ittiin gaggeeffamu kan mataa isaa ta´e qaba.Innis yeroo cidha gadaa seera kooluu jedhamuun yoo namichi du´e dureessa ta´e akka ofii fedhetti baay'ina ilmaan namichi dura du´e uumateen horii tokko tokko erga fala ilmaanii halkani bulaniin booda akka wasiilli gammadutti loon kennaniifii daadhii dhugaa bulanii, horii kennaniif fooyatee of duuba hin midhatin jedhaniin hanga qe´ee isa gahutti akka deemu taasisu.Yoo namichi warra dhaale kun osoo kooluu hin fudhatin du´e, obboleessi sadaffaa hafe sun namicha amma du´eefi kan dura du´ellee wasiila ta´a. Erga wasiila ta´een booda yeroon kooluu yoo gahe maatii namicha duraallee, kan amma du´e irraallee baay'ina ilmaan jara lamaaniitiin kooluu fudhata.

Dhuma irratti guyyaa fala ilmaan namicha sanii falattuufi intalli heerumtu elemtuu qabaaf, wayaa dachaafataa uffata, gaaf ilmaan namicha sanaa fuutu sabbata marataaf, haadha ilmaan saniifi jaala wajjiin

ibiddaa bira taa´ee badaafate daadhii itti tufee jalaa baha. Bakka abbaan nama dhalche namaaf bu´u hunda yookiin waadaa abbaan ilmaafi intalaa fudhatu hunda fudhataaf.

Sirni tokko yoo raawwatu yeroofi bakka, akkasumas sababa raawwatamuuf qaba. Hawaasni Oromoos kana bu'uura godhachuudhaan sirna ofii adeemsa isaa eeguun gaggeeffata.Sirni booyaas yookiin du'aas eebba mataa isaa qaba. Bakka du'aatti eebbi kan godhamu qaama ajjeeffateefi nama du'e saniif.Yoo dhirsi tokko du'e, warri dhiiraa boo'icha dufe dhiira keessaa kan eebbifamu obboleewwan isaa keessaa nama dhalootaan nama du'e sanatti aanu hangafa nama du'ee yookiin maandhaa isaa yookiin ilma hangafa nama du'e sanaati.Warri dubartootaa boo'icha dhufe, dubartoota keessaa immoo, niitii hangafa eebbisu.

**Warra ajjeefate akkas jedhanii eebbisu**.

Badduun isinitti hin deebi'iin
Isinuu bulaa umurii dheeradhaa
Garaa isin haa jabeessu
Kan hafe waliin Waandhi isin haa bulchu
Obsa isinii haa kennu

Egaa eebbi armaan olii kun namoota namni jalaa du'eef taasisama. Innis yeroo raawwattamu fakkoomii adda addaatti gargaarama.Fakkoomiin kunis, hiika mataa mataasaanii qabu. "Badduun isinitti hin deebi'iin" kan dhala keessan, kan sanyii keessan balleessuuf deemtu isnirraa haa qabu. Isin warri haftan nagaa qabaadhaa. Umrii dheeradhaa. Kan du'eef Rabbi garaa isin haa jabeessu ( obsa isniif haa kennu). Kan hafe waliin Waaqni nagaafi jaalalaan isin haa bulchu. Duuti akka malee isinitti hindhufin jechuun warra (maatii) ajjeefateef godhama.

**Haaluma walfakkaatuun kan du'eefis eebbi nigodhama**.

Rabbiin lubbuu isaanitti haa araaramu
Lubbuu isaanitii jaannata haa laatu
Gaaffii isaanitti haa xiqqeessu
Rabbi nama ofii isaan haa godhu jechuun kan du'e sanas eebbisu,

Cubbuu lafarratti dalaganiif Rabbi dhiifama haa godhuufi, lubbuu isaaniif jannata haa kennu (boqonnaa haa kennu), dogoggora uumaniif Rabbi gaaffii isaaniif haa xiqqeessu, Rabbi ofitti isaan haa qabatu jechuun akka aadaa Oromoo Arsii Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaatti nama du'aan addunyaa kana gadhiiseef hawaasni sirna awwaalchaa irratti argamanis ta'ee warri booda boo'icha dhufan eebba ni taasisuuf.

Akkaataa qorataan daawwannaa irraa hubatetti gaaddifniifi naannoon qe'ee boo'ichaa qaajjibaa'aa, marartaan faaruu boo'ichaa akkaataa walitti dhufeenya faarsaafi faarfamaa irratti kan hundaa'e, seenaan faaruu boo'ichaa faarfamaa irratti kan naanna'u, jamaan faaruu boo'ichaa caqaftoota malee hirmaattota kan hintaane, faaruu boo'ichaa keessatti gara nyaattoon lafee, haala midhaaginaafi tarreeffaman waan lola'uuf wanta faarsaafi faarfamaan waliin duraafi duubatti godhan futtaafachiisa. Kanaafuu, sammuu namaa hooqa, garaa nama raasa.Waan kana ta'eef, aanaa dhaalaa, jaalaa jaalalloo kararchiisa, gosaa goshoon akka itti dhaga'ameen lallabachiisa, gara jabeessa lugaama kutachiisee maraachisa. Yoo niitiin dhirsa du'eef walaloodhaan faarsitee "gaaddisa kiyyaa! Ciniinnaan ana qabee , Ciniinnachuu dadhabe…" jettee lallabdu adeemtuu karaas garaan raafamee h! h!...a! a! jedhee yookiin jettee booya yookiin bootti.

Akka aadaa Oromoo Arsii aanichaatti yeroo dhirsi tokko niitii irraa du'e gaheen guddaan faaruudhaan faarsuu kan niitii yoo ta'ellee, wasiillis faaruudhaan faarsuun nijira. Innis akka taa'aan gaaddisa boo'ichaa isa caqasutti haala kanaan faarsuu danda'a.

Garoo aayyaa garoo aayyaa
Hayyuu halangeen harka urte
Kawaamiin diida bulte jedhee faarsa.

Akka aadaatti namni ajjeesee qondaala ta'e tokko kabajaa guddaafi dhageetti olaanaa ta'e hawaasa keessa jiraatu biraa qaba. Gaafa inni du'es warri dhiiraa farda yaabbatanii waljala hulluuqaa, kadhoo qeeransaafi landii uffatanii, waraanaafi wantee qabatanii hinfuutanii korma abaluu jedhaa akkasitti walaloodhaan faarsuu.

Qaabatoo Buuqqaa
Maccoofi Shuukkaa
Hamdinoo Abboosaa
Qafoo Hanqaroosaa
Eejabaa Aannee
Buluudaa Yaayyee

Bulee Arsaayyee

Agaansoo Qaccisoo

Nagawoo Harkisoo

Muraada duulchisee

Muraa fuduuchisee.

Kan jedhu ergaan isaa namoota bara lola Ogaadee duulanii daangaa biyya kabajjisiisanii deebi’an yeroo isaan du’an maqaa waamuun warri dhiiraa kan boochisaniidha.

Warri dubartootaallee hennaa warri dhiiraa boochisan isaanis ganyaan qe’ee ka’ee harka darbuufi kadhoo faallaa dhayaa boochisu.

Haata’u malee, yeroo ammaa kana aanicha keessatti sababa adda addaa irraa kan ka’e quucaraafi huqqataa, iddoo tokko tokkotti immoo, baduu irra akka jiru haawwwonniifi manguddoonni yeroo gaaffadhu natti himaniiru.Sababoonni inni badaa jiruufis, amantaawwan garagaraa hordofuu, aadaa ofii dhiisanii kan sabaafi sablammoota biroo hordofuu, hammayyummaa hordofuufi namoota seenaa beekan irraa gaafatanii baruu dhabuu fa’adha.

## 4.2. Qaaccessa Qabiyyee Faaruu Boo'ichaa Oromoo Arsii Niitiin Dhirsa Faarsitu

Akka ragaa kennittoonni afgaaffii haawwotaa, manguddootaafi hojjattoota ogeeyyii waajjira aadaafi turiziimii aanichaa naaf himanitti qabiyyee faaruu boo'ichaa Oromoo Arsii Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa ergaan isaa qaacceeffamee haala armaan gadii kanaan kaa'ee jira.

Faaruun boo'ichaa niitiin dhirsi ishee jalaa du'e faarsitu kun walqixxummaa koorniyaa yookiin hawaasa sana keessatti sadarkaan/gaheen dubartootaa baay'ee olaanaa ta'e ibsa. Dubartiin takka faaruu kana fayyadamtee niitiin dhirsa malee akka jiraachuu hindadeenye, dhirsa dhabuun osoo wanti fedhellee jiraatee akka waan hundaa addunyaa kanarraa dhabdeetti waan ittiin ibsattuuf hawaasa keessatti walqixxummaa koorniyaa sirritti eega.Yoo komii wayiillee qabaatte akka barbaaddetti sodaa tokko malee wanta garaa ishee hanqate kamiiyyuu akka feetetti qixuma nama hundaa mirgi ishee eegameefii waan isheetti dhaga'ame ittiin ibsatti.

Gama braatiin immoo, dubartoonni yoo dhirsa jalaa du'e faarsan hawaasa sana keesssatti akka nama beekaatti ilaalamu.Kanarraaa ka'uun, yeroo baayyee warri dhiiraa raawwii sirna gaa'eelaa keessatti dubartii lammii Oromoo taateefi aadaafi duudhaa sabichaa beektu fuudhu.Kana jechuun warri dhiiraa Oromoo ta'an dubara saba biroo hinfuudhan jechuu miti. Isaanis, haala nama ajaa'ibuun qalbiin yoo isheen dhirsa faarsitu caqasu; nidinqisiifatus.Kun immoo, walqixxummaan akka wal caqasan waan taasisuuf walqixxummaa koorniyaa mirkaneessa.

Dhumarratti faaruun kun nama lubbuun jiru tokkoof ergaa cimaa ta'e dabarsa.Innis dubartoonni faaruu kanatti fayyadamtee kabajaafi ulfinaa, hayyummaa, durummaa, gootummaa, hawwii, haqaa, arraba wasiilaa, arraba masaanuu, yeroo faarsuu wallaalanii, tuffii aanaa, aanaa dhirsaa faarsuu, komii dhirsaa, komii masaanuufi abdii kutachuu niitiin dhirsi jalaa du'e faarsuun kan ittiin haala miira namaa tuquun kan mala ergaa ittiin dabarfattuu ta'uu mul'isa.

### 4.2.1. Faaruu Boo'ichaa Kabajaafi Ulfinna Dhirsaa Ibsu

Akka aadaa Oromoo Arsii Aanaa Adamii Tulluu Jiddoo Kombolchaatti dubartiin dhirsi irraa du'e takka kabajaafi ulfinna dhirsa isheetiif qabdu ibsuuf faaruu boo'ichaa armaan gadii kanaan fayyadamti.

Hoolee kiyyaa,  hoolee kiyyaa

Muttaaraa kiyyaa,  muttaaraa kiyyaa

Garbuu nyaate naqasaan
Galtanii nu hamattanii, dhirsa faarsinaa nu caqasaa
Gaaddisa narraa du'e
Kabaja narraa bu'e
Nugusni Shawaa  bu'e
Nugasa narraa du'ee
Nugusatu algaa bu'ee
Dhirsatu narraa du'e
Ulfinnii karraan bahee
Salphinni narra gahee
Makkallaa afaan golaa
Makkalli dhirsaan tolaa
Qallinni jilbaa gadii
Salphina dhirsaa badii
Niitiin dhirsa hinqabne,
Seensa gandaa saalfatti
Karra namaa dhaabbatti
Intalli dhirsa hinqabne
Karra bitimaa hinqabnee
Hiyyeeyyiin lafaa hinbaanee
Hiyyeeyyii jedhan taanee
Muunjaleen nutti seentee
Hinjirreen nu kajeeltee
Gurraacha akka Waaqaa
Afaan maal qabaa qaaqaa
Mee takkaa sii lallabaa
Lallabee maal dhaqqabaa
Baddaa Bantee Badhaasoo
Duuti maqaan dhamaasoo
Du'a maqaan shullitee
Beerri tantee mullitee
Du'aafuu sin irbinee
Qaruma sin jibbinee
Biyya mataa cabsitee
Keessaan natti dabsitee
Odoo galtee argitee
Qe'een tantee banjii margitee
Ka soddaa Daawwee Abbiyyuu
Ka booyuuree ka iyyuu
Silaa iyyee maraadhaa
Warra  keetiifuu makkadhaa
Imimmaan maaltu dhibe
Kan dhiiga makuu dide

Mar’imaan maaltu dhibe
Kan cite bahuu dide
Eda dhirsa argadhee
Har’aa dhabee salphadhee
Shaggariin karaan fagoo
Biyyee hinyaatin yaboo!

Akka aadaatti. abbaan warraa tokko yoo du’e niitiin dhirsi irraa du’e faaruu boo’ichaatti fayyadamtee kabajaafi ulfina dhirsa isheef qabdu taa’aa gaaddisa boo’ichaatii ibsiti. Fakkeenyaaf: bo’oo $3^{ffaa}$fi $4^{ffaa}$ keessatti “ Garbuu nyaate naqasaan, Galtanii nu hamattanii , dhirsa faarsinaa nu caqasaa” Yoo jettu, dhirsi niitiif nama guddaafi kabajaa guddaa kan qabu ta’uu isaa faaruun ibsiti. Niitiin dhirsi irraa du’e yoo dhirsa irraa du’e sana faarsuu baatte, hawaasa biratti hamii, jettee namaafi qeeqni guddaan waan ishee eeggatuuf osoo dhirsa faarsuu hin jalqabin faaruun taa’aa gaaddisaatiif akka ishee caqasan ergaa kan dabarsitu ta’uu ibsa. Ergaan bo’oo $5^{ffaa}$fi $6^{ffaa}$ “Gaaddisa narraa du’e, Kabaja narraa bu’e” du’a dhirsa ishee kanaan kabajaan, mootiin, bulchaan biyyaa akka ishee irraa bu’eefi gaaddidduu guddaa dhabuu ishee, niitiin tamiiyyuu dhirsa malee akka hintolleefi salphinni dhirsaa salphina hundarra kan caaluufi niitiin dhirsa hinqabne qaanoftuufi yeroo hundaa rakkattuu kan nama ishee deeggaru hinqabne ta’uu ibsa.Bo’oo $20^{ffaa}$ fi $21^{ffaa}$ keessatti “Intalli dhirsa hinqabne, Karra bitimaa hinqabnee” jettee yoo faarsitu, niitiin dhirsa hinqabne kan namni kamiiyyuu fedhii fooniitiif ishee barbaadu, maatii abbaa hinqabneefi kan gadheen hundi mirga ishee sarbu ta’uufi niitiin dhirsa hinqabne akka mirga isheetti dubbachuu kan hindandeenye, waa’ee dhirsa ishee qofa boo’uu akka dandeessu ibsa. Bo’oon $30^{ffaa}$fi $31^{ffaa}$ keessatti “Baddaa Bantee Badhaasoo, Duuti maqaan dhamaasoo” duuti abbaa worraa kan niitii jaanjessu, kan dhamaasu, kan mataa ishee cabsu, warra isaa caalaa kan ishee miidhe, qe’een isaa baalli adda addaa itti bahe, kan gadde ta’uu ibsa. Bo’oon $40^{ffaa}$fi $41^{ffaa}$ “Ka soddaa Daawwee Abbiyyuu, Ka booyuuree ka iyyuu” yoo jettu, niitiin gaafa dhirsi ishee irraa du’e kan gosa soddaa maqaa waamuun kan boochiftuufi kan du’a isaa kanaan boossee maraattu, hamma mar’umaan ishee ciccitee ba’utti kan iyyitu, hamma imimmaan dhiiga makutti kan boossu, akkasumas dhirsa ishee kana biyyeen akka hinnyaanne kan yaboo biyyeetti dhaamattu ta’uu ibsa.

Akka Dasee (1992:30) ibsutti ummanni tokko sona ofii fiixaan baasuuf seera qaba. Kunis akkaataa ummanni sun yaaduuf socho’u balballeessa. Sonni ilaalcha ummanni wanta gaariifi faayidaa ta’e waliin qoodatu. Sonni Oromoo Arsiitti dhirsi niitii waa hunda. Osoo wanti hundinuu jiraatellee, dhirsa dhabiinsi nama namaa gadii nama godha. Kanaaf fakkaata wanti niitiin dhirsi irraa du’e salphina dhirsaa badi jettuuf.

### 4.2.2. **Faaruu Boo'ichaa Jaalala Dhirsaa Ibsu**

Akka aadaa Oromoo Arsii Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaatti dubartiin dhirsi irraa du'e takka jaalala dhirsa isheetiif qabdu ibsuuf faaruu boo'ichaa armaan gadii kanaan fayyadamti.

Ciniinnaan ana qabee
Ciniinnachuu dadhabee
Ka sangaan saalaa baase
Waaqatu saalaa na baasee
Daa'ima na guddisee
Wareen ana mudhisee
Nama du'aan hinmallee
Nama du'etuu hingallee.
Giggishaa loontu bitaa
Mimmishaan warra didaa
Nyaara malee na hindhaanu
Leelloo malee na hinwaamuu
Harooressaan bobbaasa
Yeroo soqaa dhaqu,harooressa natti caasa
Tiksetuu narraa baasa
Durba ammaatii ulee sunuu baasa
Gurraacha bifa Waaqaa
Abbayyiin gosa haadhaa
Banii hundatu jaalata
Garatu na laalata
Yeroo lafaan lolaanii
Yeroo nafaan tolanii
Akka waan wallaalanii
Bakka kankee na hinawwaalanii

Niitiin dhirsi irraa du'e faaruu boo'ichaatiin jaalala dhirsa ishee kanaaf qabdu ummata bakka du'a dhirsa ishee irratti argame sanaaf ibsiti. Fakkeenyaaf: Bo'oo $1^{ffaa}$fi $2^{ffaa}$ keessatti "Ciniinnaan ana qabee, Ciniinnachuu dadhabee" yoo jettu, niitiin dhirsi irraa du'e, du'a isaa kana obsuu akka hindandeenye, daa'imummaan akka ishee guddise, namni du'e akka galuu hindandeenye ibsiti. Bo'oon $9^{ffaa}$fi $10^{ffaa}$ keessatti "Giggishaa loontu bitaa, Mimmishaan warra didaa" yoo jettu namni gaarii ta'e, umrii dheeraa akka hinqabneefi dafee du'uu akka danda'u, dhirsi niitii jaalatu takka maqaa ishii leelloo malee akka hin

waamneefi yoo aare malee dhaanuu akka hin dandeenye, dur dhirsi jaalalas yoo qabaate niitii ofii dhaanuu akka danda'uufi yeroo ammaa yookiin gadaa kana garuu dhirsi niitii dhaanuu akka dadhabe ibsa.Sababiin isaas yeroo ammaa kana yoo dhirsi dhaane, dhiisii osoo ittuu dheekkamee mana murtii waan isa geessituuf yeroo ammaa kana dhirsi akka durii sana niitii ofii reebuu akka dadhabe ibsa. Bo'oon 19ffaa fi 20ffaa keessatti "Banii hundatu jaalata, Garatu na laalata" yoo jettu niitiin jaalala dhirsaaf qabdu sirriitti ibsuuf hamma bakka isaa buutee du'uutti hawwuu ibsa.

### 4.2.3. Faaruu Boo'ichaa Hayyummaa Dhirsaa Ibsu

Aadaa Oromoo Arsiitti dubbataan biyyaa iddoo guddaa qaba. Itti muree fudhachiisee, mureefii kennisiisaaf. Kana ilaalchisee guyyaa dhirsi irraa du'e niitiin isaa akka armaan gadiitti faarsiti.

Hayyuu qe'ee hinoolle
Hayyuu arrabni hinqoorre
Hayyuu halangee muxaa
Abbayyaa deemsa suutaa
Taa'u barcumaa guutaa
Dhiqannaan lafa tuutaa
Gali ilmatti nuu fuutaa
Suufii malee hinuffatu
Qurxii malee hindubbatu
Shabbeenni kankee lamaa
Takka ta yaabbii fardaa
Takka ta dubbii ambaa
Kan awwaalanii mitii
Kan mana kaa'atanii
Kan mala gaafatanii
Awwaalli karaa keessaa
Kan malli garaa keessaa!

Niitiin dhirsi irraa du'e takka faaruu boo'ichaatiin hayyummaa dhirsi ishee qabu namoota sirna du'a dhirsa ishee irratti argaman kanneeniif ibsiti.Fakkeenyaaf: Bo'oon 1ffaa fi 2ffaa keessatti "Hayyuu qe'ee hinoolle, Hayyuu arrabni hinqoorre" yoo jettu ergaan isaa dhirsi ishee amma du'e kun yeroo lubbuun jiru sana nama dubbii dubbatee nama araarsuu danda'u, nama dhugaa malee hindubbanne, nama guddaa, nama kabajamaa, yeroo baay'ee bakka dubbiitti kan argamu ta'uufi dhirsi ishee kun uffata gaarii akka uffataa tureefi loogii malee dubbataa turuu isaa ibsa.Bo.oon 10ffaa fi11ffaa keessatti"Shabbeenni kankee lamaa, Takka ta yaabbii fardaa, Takka ta dubbii ambaa" kan jedhu ergaan isaa hayyuu halangee dubbii ittiin dubbatu

qabu, kan mallattoo isa ibsu qabu, kan malli isaa garaa keessa jiruufi nama hiika dubbii tokkoo raaguu danda'u ta'uu isaa ibsa.

## 4.2.4.Faaruu Boo'ichaa Durrummaa Dhirsaa Ibsu

Oromoon Arsii akkuma Oromoo damee biroo ummata loon horsiisuu jaalatuudha. Kanarraa ka'uun niitiin dhirsi irraa du'e akka arman gadii kanatti durummaa isaa faarsiti.

Muttaaraa korma gaafaa

Gaafaa kana nama daafaa
Hiyyeessa boo'uu mitii
Dureessa boonuu mitii
Abbaa fardoo daamotaa
Abbaa sangoota gaarrotaa
Abbaa mirgoo kurkuraa
Dhibba fooyee gurguraa
Ka damma malee, hinbulbulle
Ka dhibba malee, hingurgurre
Ka soddaa soolee allayyoo
Addaa qabaa mallayyoo
Dureessa garaa mooraa
Gurguddaa waliin oolaa
Gaagurri kee torbaatamaa
Ka baaftuun torbaan lamaa
Bolaaleen kankee lamaa
Gaabii kankee saddeettamaa
Kana haa dhabu hamaan namaa
Dureessa moonaa godaa
Sangaan fuunduree qotaa
Ka soddaa abjaataa diidaa
Abbaa sangaa mandiidaa
Fuundureen sangoolee
Balbalti dhaltoolee
Akka fedhe bobbaasa
Malkaa fedhe obaasa
Korma fedhe kolaasa
Obboroo subii yaasa
Yowaa margatti caasa
Hennaa quufe dachaasa
Loon dhiiraa malkataa
Malkaa duudee mar'ataa
Sooressi malkaa duudee
Maayessi booruu xuuxee
Abbaa arroon bookkisu

Loowwan namaa hinboochisuu?
Hiraphee margi jigee
Loon kankee malli dhibee
Osoo afaan beekanii
Gaaf du'a kankeetii,
Loonuu marga hindheedanii.

Ummanni Oromoo harki caalaan looniin dureessa. Ummata Arsii keessaa gariin loon kuma heddu kan qabaatu akka jiru nibeekama. Kanaaf namni Arsii yoo loon guddaa nama caalu hore sirna raawwatu qaba. Kunis kiila lixuu jedhama. Innis kan raawwatamu yoo nama tokkoo goromsi dhibbaa ji'a tokko keessatti dhaleef, dureessa jenna. Kanarraa kan ka'e niitiin dhirsi irraa du'e takka faaruu boo'ichaatiin dhirsi ishee dureessa ta'uu isaa namoota sirna du'a dhirsa ishee irratti argaman kanneeniif ibsiti. Bo'oon 1ffaa fi 2ffaa keessatti "Muttaaraa korma gaafaa, Gaafaa kana nama daafaa" kan jedhu ergaan isaa wantoonni akka dhirsaa, durummaa, qabeenya waliigalaa keessummaayyuu dhirsi kan qabeenya hunda keessaa kan hangafa ta'e guyyaa du'aa kana dhabuu ishii faaruudhaan ibsiti. Bo'oon 5ffaa fi 6faa "Abbaa fardoo daamotaa, Abbaa sangoota gaarrootaa" dureessa jechuun nama durummaan boonu, nama hiyyummaaf boo'u miti. Dureessa kan jedhamu nama horii gosa hedduu kanneen akka: fardoo, gaangee, mirgoolee, sangaa, dhaltoolee, horiin isaa altokkotti malkaa duudee dhuguu kan hindandeenye, horiin loonii dhiiraaf mallattoo akka ta'e, nama gaagura kanniisaa, uffata heddu qabu, nama soddaa hedduutti intala geegawoo dhibbaan gurgure, nama hiriyyaa beekamaa hedduu qabu, horiin du'a akka nama hinoolchine, loon nama isa tiksu akka dhabe ibsa. Bo'oo 40ffaa-42ffaa keessatti "Osoo afaan beekanii, Gaaf du'a kankeetii, Loonuu marga hindheedanii" kan jedhu ergaan isaa osoo afaan kan beekan ta'ee, horiin isaa gadduuf jecha marga dheeduu dhiisuu akka qabu ibsa.

### 4.2.5. Faaruu Boo'ichaa Gootummaa Dhirsaa Ibsu

Aadaa Oromoo Arsii keessatti jagnummaafi gootummaan onnee dhiirummaa kan calaqqisu ta'ee mul'ata.Kanarraa kan ka'e niitiin dhirsi irraa du'e akka armaan gadiitti faaruun gootummaa isaa faarsiti.

Gooftaa kiyyaa
Gaara kiyyaa
Goota ija qaanqee
Ka yaabbata gaangee
Ka soomayyuu shifiniinaa
Goota ija finiinaa
Leenca qaamni shubbisu
Goonni uggee hindubbisuu
Manni afaan karaatii
Lolaa akka xaraatii

Hiriyyaan garaa beektii
Shanii ergattee eegdii
Gaafa lola Kombolchaa
Dhiira onnee tokkichaa
Diina qabee fonqolchaa
Hennaa lola Mitoo
Harki lachuu itoo
Farda jala gaffisee
Saanjaa itti fannisee
Halangee qaxxisiisee
Dabeeyyii cadhissiisee
Abbaa farda arreedaa
Hennaa lolu bareedaa
Abbaa fardoo lamaanii
Booriin ka hennaa lolaa
Gaangeen ka hennaa qoraa
Abbaa halangee lamaanii
Takka ta beeraan koofanii
Takka ta fardoon oofanii
Qooyyee mana Hangaatuu
Ka waan qooqe fakkaatu
Micciirraa malee hinnyaatuu
Goota sideettee haatuu
Nama nyaanni hingabbifne
Nama yaanni hinraffifne
Nama arriin waraante
Nama lammiin sodaatte
Mukni balbalaa kufee
Malli babbadaan dhufee
Hudda ati duutee
Wanti babbade guutee
Gaangeenii fatoon baate
Sakaallaa malee yaatee
Nadhiinii fatoon baate
Akkuma ofii jette taate
Daanyaallee fatoon baate
Hulema seeneen nu nyaatee
Ka goshoo Badhaanee Muddee
Ijatuu na jalaa qurxee
Ija qeeransa dutee
Ijatu na jalaa kutee
Goota homaa hinsodaanne
Maandhaa araddatti dhiifnee biraa godaanne.

Oromoo Arsii keessatti nama mirga qabuu gaafa inni du'e niboochifamaaf. Gosaa goshoo, aanaa dhaalaa, jaalaa jaalalloofi haawwonni hiriira galanii akkaataa gootummaa isaa ibsuun faarsu. Haaluma kanaan niitiin

dhirsi irraa du’e takka faaruu boo’ichaatiin dhirsi ishee goota homaa hinsodaanne ta’uu isaa namoota sirna du’a dhirsa ishee irratti argaman kanneeniif ibsiti. Fakkeenyaaf: Bo’oon $3^{ffaa}$-$6^{ffaa}$ keessatti “Goota ija qaanqee, Ka yaabbata gaangee, Ka soomayyuu shifiniinaa, Goota ija finiinaa” kan jedhu ergaan isaa dhirsi ishee du’e kun gootummarraa kan ka’e, yeroo lolaa ijji isaa kan yeroo biroorraa adda akka ta’e, cimina qaamaafi eeboo(soomayyuu) waraanaa cimaa ta’e akka qabu, henna lolaa kan ijaafi qaamni isaa hundi dheekkamu, kan goonni hindubbifne, lolaa akka bofaa, dhiira onnee tokkichaa, goota diina injifatu, ajjeesee kan diina muree kan galu ta’uu isaa ibsa. Bo’oon $24^{ffaa}$_$26^{ffaa}$ “Abbaa fardoo lamaanii, Booriin ka hennaa lolaa, Gaangeen ka hennaa qoraa” goota fardaafi meeshaa waraanaaf ta’u kophaatti qabu, halangee fardaan oofu kan qabu, kan lammiin sodaatte akka ta’e, erga inni du’ee wanti hintolle heddu akka ta’e, akkasumas gaangiin, nadhiin, warri aangoo qabus akkuma fedhanitti akka hojjatan ibsa.

### 4.2.6. Faaruu Boo’ichaa Hawwii Dhirsaa Ibsu

Akka aadaa Oromoo Arsiitti hawwiin dubartiin dhirsa isheetiif qabdu faaruudhaan haala armaan gadii kanaan ibsama.

Gaara kiyyaa, gaaraa mitii labbaa
Gaariin kiyya dhirsaa mitii abbaa
Abbaa durba kurkuraa
Durba eennutu gurguraa
Durbi heeruma hinooltuu
Gaafa gurguraa koottu
Abbaa durba kurkuraa
Damma eennu bulbulaa
Durba eennu gurguraa
Durbi heeruma hinooltuu
Wayaa uffattaa koottu
Ka manni gooba irraa
Durba gurgurraa birraa
Durbi heeruma hinooltuu
Waliin gurgurraa koottu
Niitiin muttaaraa hinqabne,
Luka jala shaakkatti
Gadi baatee dhaabatti
Waamsa isaa qaabatti
Ajoon karraa rarra‘ee
Waamsa kankee dharra’ee
Daalachaan garmaaminnaa?

Yoo gale naa waaminnaa
Okolee raaseen dhaltee
Nuu gali qe’een baddee
Qe’een na badde jedhii
Masoon gammadde jedhii
Ijoollee yaade jedhii
Niitii araade jedhii
Badee jiraa naa gali
Dahee jiraa naa qali
Osoma arma jirtuu
Galti anaa haa dhibduu
Kaatee galtu beekaa
Balbalaa taa’ee sii eegaa
Shaggariin dhaquu hinbeekuu
Kararra bahee eeguu
Lafa lafaan cufanii
Keessaan walitti dhufanii?
Silaa dhufee si argaa, boollatuu xurree hinqabnee
Silaa dhalee sii ergaa, araatatu harree hinqabnee
Urgee tee natti qoofte
Fooliin tee natti dhoofte
Itillee lafa bultuu
Rimmiti ana haa murtuu
Hurriin natti haa bu’u
Bakka kee ani haadu’u
Makiinaa qe’ee marsee
Ana haa baatu nabseen
Nugusni Shawaa jiraa
Nugusni kiyya simaa
Gaarri lamaan wal qabee
Gaarii lamaantu wal dhabee
Biyya dhaqanii mitii
Hindhaqu jedhii didii
Baroodaa akka kormaa
Hindhaqin biyya ormaa
Biyya sanuu hinbeektuu
Biyya cufattee teettu
Shaggariin karaan fagoo , adeemanii hingahanii
Boolla karaan fagoo, aseenanii hinbahanii
Biyyee hin nyaatinii didii
Biyya hin yaadinii riphii
Atta sii ta’aa laataa?
Rimma hinnyaatinii waadaa!
Akki sii ta’u hinjiruu
Jaannata sii haa hiruu

Hawwiin dubartiin gara fuulduraatti abbaa warraa isheetiif qabdu heddu.Hawwiin kunniin osoo hinguuttamin yoo abbaan warraa ishee irraa du’e bifa garagaraatiin ibsatti. Kunis adeemsa hawwii gara fuulduraa jiuufi jireenya ishee keessatti isa wajjiin akka waan gaggeessuu dandeettuutti namoota sirna du’a dhirsa ishee irratti argaman kanneeniif ibsiti.Akkuma yeroo dur inni jiru sanaatti adeemsa jiruufi jireenyaa ishee kaastee tokko tokkoon tarreessuudhaan gaaddisa boo’ichaatti taa’aa sirna boo’ichaa sana hordofu hundaa hawwwii ishee tokkollee osoo hinhafin ummatatti ibsiti. Fakkeenyaaf: Bo’oon1ffaafi 2ffaa keessatti “Gaara kiyyaa, gaaraa mitii labbaa, Gaariin kiyya, dhirsaa mitii abbaa” kan jedhu ergaan isaaa dhirsa ishee kana akka abbaa ishii uumateetti ilaaluu, gara fuulduraatti akka waan inni jiruu durba waliin akka gurgurtuufi woyaa akka uffatuufi daadhii cidhaa bulbuluu akka danda’u ibsa. Bo’oon 16ffaa_19ffaa keessatti “Niitiin muttaaraa hinqabne, Luka jala shaakkatti, Gadi baatee dhaabatti, Waamsa isaa qaabatti” kan jedhu ergaan isaa niitiin dhirsa hinqabne hiyyeettii, bifaan kan daalachattu, malli ishee harkaa akka bade, akka waan inni ishee waamuu danda’uufi ishee wajjiin dubbachuu danda’uu ibsa.

Bo’oon 24ffaafi 25ffaa keessaati “Okolee raaseen dhaltee, Nuu gali qe’een baddee” kan jedhu ergaan isaa dhirsi ishee irraa du’e kun akka waan qe’ee, niitii, ijoollee araadeetti yookiin yaadeetti, du’a isaa kana namni isaan wal hinjaalanne akka waan fedhee yookiin barbaadee hanga inni du’e akka tolaafii hin jirre, yeroo deessetti akka inni qaluuf kan hawwite, awwaalli isaa qe’etti dhiyoo akka ta’eefi garuu galuu akka hin dandeenye akka tasaa osoo galtee teessee akka eegdu hawwuu, dhirsi ishee kun waa hundarra isheetti akka aanu, waan nyaatu erguu akka barbaadduufi garuu erguun akka ishee rakkiseefi dhirsi ishee irra du’e kun kan ishee hir’ise, hafuurri isaa iddoo du’e sana akka itti dhufe, iddoo inni duraan bulaa ture namni biraa bulaa akka hinjirreefi bakka isaa rimmi ishee akka nyaatu, du’a isaa kanaaf keessummaan baay’een makiinaan akka dhufe, dhirsi ishii gooftaa ishee akka ta’e namni waliin tolu lamaan waldhabuu ibsa.

Bo’oon 50ffaafi 51ffaa keessatti “Nugusni Shawaa jira, Nugusni kiyya simaa” kan jedhu ergaan isaa duuti baay’ee wanta hamtuu waan taateef hindu’u jedhiin, inni baay’ee jabaa akka ta’e, du’a akka didu, du’ee akka hinbeekne, erga du’anii akka hin galle, awwaalli kan banamuu hindandeenye, galuun hindanda’amuu obsii achuma turi, qaama isaa biyyeen akka hinnyaanne akkasumas gooftaan yookiin mootiin biroo akka hinqabneefi kan ishee isuma akka ta’e ibsa.

Akka Dasee (1992:32) ibsutti hawwiin fedhiifi dharraa qaban ibsuuf wanta osoo hinta’in hafeef gaabbii waan kana fakkaatan ofkeessaa qaba.

### 4.2.7. Faaruu Boo’ichaa Haqa Jiru Ibsu

Akka aadaa hawaasa Oromoo Arsiitti haqa jiru tokko ibsuun iddoo guddaa qaba. Haawwonnis haqa jiru kana akka armaan gadii kanatti faaruudhaan ibsatu.

Muttaaraan mutaa qabaa
Waan nama butuun qabaa
Muttaaraan mutaa qabaa
Du'atuu mudaa qabaa
Haga jirtu si shuumee
Du'a Rabbituu uumee
Ka soddaa Jiliinshaa Jiddoo
Duuti namaa hinbeektu dilgoo
Ka soddaa Asallaa Booruu
Asalli dhufa hinooluu
Qamadiin gumaa hinqabduu
Ta Rabbii gumaa hinqabduu
Gaara duubaan Heebanii
Waaqa gumaa hinreebanii
Urjii Waaqaa laala
Dubbii Waaqaa qaaqa
Qeerransa manni gaaraa
Du'atuu nama sakaalaa
Dukkana gardabaraa
Dukkana amba maraa
Aanaa Qajeelaa Obsaa
Jaarsi jaartii qorsa
Ta wallaaltellee gorsa
Gaaraan aduun qaarite
Kaarruu biyyeen gaadite
Gaaratu natti jigee
Waaqatuu natti fidee.

Niitiin dhirsi irraa du'e takka faaruu boo'ichaatiin duuti dhirsa ishee haqa yookiin dhugaa nama kamiiyyuu irraa hinoolle ta'uu isaa namoota sirna du'a dhirsa ishee irratti argaman kanneeniif ibsiti. Fakkeenyaaf: Bo'oon 1ffaa fi 2ffaa keessatti "Muttaaraan mutaa qabaa, Waan nama butuun qabaa" kan jedhu ergaan isaa dhirsi ishee kun mala dubbiin dubbatu qabaachuu, duuti wanta ganama Waaqni ilma namaatiif uume ta'uu, namni namarraa du'e akka nama hir'isu, duuti rakkoo akka namaa hin beekne, duuti akka dhufuu hinoolle, hojiin Waaqa gaaffii akka hinqabne ibsa. Bo'oon 15ffaa fi 16ffaa keessatti "Urjii Waaqaa laala, Dubbii Waaqaa qaaqa" kan jedhu ergaan isaa dhirsi ishee nama raagu, dhugaa dubbatu, jabaa, nama jaartii ofii gorsu, akkasumas ta wallaaltes kan gorsuufi duuti akka sakaalte ibsa. Bo'oon 24ffaa fi 25ffaa "Gaaraan aduun qaarite, Kaarruu biyyeen gaadite" dhumarratti duuti dhirsa ishee hojii waaqaa ta'uu kan amante ta'uu ibsa.

Akka Dasee (1992:28) ibsutti yaada kana ilaalchisee jechi dhugoommii jedhu dhugaa mirkanaa'e dabarsuuf fayyada. Yaanni (concept) dhugoommii jedhus wanta ilmaan namaatiin akka dhugaa egereetti fudhatamu yookiin uumaafi gocha haala kanaan beekaman ibsuuf oola.

### 4.2.8. Faaruu Boo'ichaa Arraba Agarsiisu

#### 4.2.8.1.Faaruu Boo'ichaa Arraba Wasiilaa Ibsu

Aadaa Oromoo Arsii keessatti yeroo namni tokko du'e, sirna boo'icha isaa irratti niitiin dhirsi irraa du'e faaruun boochisuun wasiila ishii dhaaluu danda'u haala armaan gadiin arrabsiti.

Hoolee kiyyaa
Muttaaraa kiyyaa
Dhirsi warqii mormaati
Wasiilli gogaa kormaati
Suuta goggogaa dhufa
Hancufaa badaa tufaa
Balbala gahee lufaa
Mee takkaa haalaa bahaa
Wasiila maqaa dhahaa
Abbaa durba sadiinii
Wasiilli kee sariinii
Dhirsotiin dhiiraa dhumtee
Dhirsotiin beeraa dhuftee
Ekeraan qe'ee tee teettu
Ekeeraa teetuu hingeettuu
Gaaddisoon qe'ee tee teettuu
Gaaddidduu teetuu hingeettuu
Wadala hinleejisinaa
Wasiila hinleellisinaa
Lafarraa nama kaasa
Finnarraa nama baasa
Mucaan ammaa hamaa
Dhaalti sunuu mamaa
Edaa na dhabanaasee
Jabbii haadhatti yaasee
Jabbileen haada hinqabduu
Ijoolleen yaada hinqabduu
Maluma kiyyaa beettuu?
Beerri san maraa hingeettuu
Wanti ani kana jedhuuf, udumeen nama nyaatti

Saldheen mirgarra yaatii
Ijoolleen mana saamtii
Hinjirreen nama dhaanti
Akka waan durba taanee
Ormi nurratti wal saamee
Ani gaangee magaalaa
Eennutu beekee na sakaalaa
Amma gola jira
Ammaa nattuu jiraa
Ani hingaluu manatti
Ani hinheerumuu lamatti.

Niitiin dhirsi irraa du'e faaruu boo'ichaatiin jaalala dhirsa ishee kanaaf qabdu ummata bakka du'a dhirsa ishee irratti argamee sanaaf ibsitee,wasiila ishee dhaalu kan seerri aadaa eeyyamuuf yoo tuffatte garuu, guyyaa dhirsi ishee du'ee, gosaa goshoon, aanaa dhaalaan, Firaa soddaan, ganyaa gosaafi nyaaphaa bakka argamanittiifi gaaddisa wasiilli boo'icha taa'utti dhiyaattee akka taa'aan gaaddisaa hundi dhaga'utti sodaa tokko malee faaruun arrabsoo itti gadi dhiifti.Wasiila arrabsanis ta'ee, manguddoonni bakka gaaddisa sirna boo'ichaa sana keessatti argaman tokkollee akka isheen arrabsoo kana dhaabdu aadaa waan ta'eef namni ka'ee dubbatu tasuma hinjiru. Bo'oon $1^{ffaa}$-$4^{ffaa}$ keessatti "Hoolee kiyyaa, Muttaaraa kiyyaa, Dhirsi warqii mormaati, Wasiilli gogaa kormaati" kan jedhu ergaan isaa dhirsi faaya niitii akka ta'e, wasiilli immoo nama gara jabeessa, adeemsi isaa goggogaa, yadaa hamaa kan dubbatu, mana ishii bira gahee kan irra darbuufi niitiin haalaa baatee kan arrabsoon wasiila maqaa dhahuun, wasiilli jiru yookiin gaaddisa taa'u kun dhirsa ishii kan du'ee gadi akka ta'e, wasiilli ishee biratti kabajaa kan hinqabne, akkasumas, qe'ee kan buqqisuufi ilmoorraa kan ishii baasu ta'uu ibsa. Bo'oon $20^{ffaa}$fi $21^{ffaa}$ keessatti "Lafarraa nama kaasa, Finnarraa nama baasa" kan jedhu ergaan isaa wasiilli hammeenya waan qabuuf dhaaluu kan hindandeenye, halkan dhirsi du'e ishii kabalee jabbii haadhatti akka yaase, wasiilli isheef yaada kan hinqabne ta'uu ibsa.

Bo'oon $30^{ffaa}$fi $31^{ffaa}$ keessatti "Wanti ani kana jedhuuf, udumeen nama nyaatti Saldheen mirgarra yaatii" kan jedhu ergaan isaa dhirsa dhabuun furmaata akka dhabde, kan muukoftu ta'uu, qabeenyi ishii kan saamamu, gadheen kan reebamtu, namni ishii gorse horatu kan hinjirre ta'uufi wasiilli kun ammaa kan qe'ee ishiitii baasaa jiru ta'uu ibsa.

Bo'oo $40^{ffaa}$fi $41^{ffaa}$ keessatti "Ani hingaluu manatti, Ani hinheerumuu lamatti" kan jedhu ergaan isaa isheenis wasiila ishee kanatti dhaalamuu kan hinbarbaaanne ta'uu jala murtee akka dubbataa jirtu ibsa.

### 4.2.8.2.Faaruu Boo'ichaa Arraba Masaanuu Ibsu

Akka aadaa Oromoo Arsiitti dhirsi tokko niitii heddu fuudhuu kan danda’u ta’uu isaafi isaan fuudhe keessa immoo irra caalaa gara tan boodarratti fuudheetti goree waliin jiraata. Kanarraa kan ka’e guyyaa inni du’e niitiin hangafaa inni fuudhe masaanuu dhirsi ishee biratti du’e sana faaruun akka armaan gadiitti arrabsiti.

Kadhoon dhiiraa lamatuu
Takka daalatti leencaa
Takka barruu qeeransaa
Niitiin dhiiraa lamatuu
Takka magaala dooqaa
Takka diimtuu sabbooqaa
Gurraattii ottee Waataa
Abbaa fuudhetu beekaa
Beerri tantee Shananii
Beera tantee dhabanii
Yoo fuudhaa Shaniin geettee
Beerri tantee dachaatee teettee
Takka bakkaan si geette
Ka Abbayyittiin deettu
Ka Oliyyittiin okeettu
Diimaa tokko beektuu?
Ka niitiin nyaattee teettuu.

Niitiin dhirsi irraa du’e yoo masaanuu isheetiin kan wal hinjaalanne taate gaafa dhirsi ishee du’e sana gaaddisa boo’ichaatti faaruudhaan masaanuu ishee arrabsiti.Fakkeenyaaf: Bo’oon 1ffaa-3ffaa keessatti “Kadhoon dhiiraa lamatuu ,Takka daalattii leencaa, Takka barruu qeeransaa” kan jedhu ergaan isaa kadhoon dhiirti uffattu bifti isaa daalattii leencaafi barruu qeerransaa, niitiin dhiiraa immoo, magaala dooqaafi diimtuu sabbooqa jechuun bareedduu akka taate, gurraattiin otteen waataa garuu fokkiftuu, gabra, tan aadaanis dubartoota keessaa baateefi kan dhirsi fuudhe qofti ishee horatu ta’uu ibsa.

Bo’oo 9ffaafi 10ffaa keessatti “Beerri tantee Shananii, Beera tantee dhabanii” kan jedhu ergaan isaa beerri isaa baay’ee taatus waa’ee abbaa warraa ishee ibsuu dadhabuu, isaan keessaa takka du’a isaa keessaa harka qabaachuu ishii ibsa. Bo’oon 15ffaa -17ffaa keessatti“Ka Oliyyittiin okeettu, Diimaa tokko beektuu? Ka niitiin nyaattee teettu” kan jedhu ergaan isaa kan niitii inni jaalatu soortu, kan niitiin isaa takka immo, ajjeeftee teettu, gurbaa diimaa tokko beektuu? Jettee taa’aa gaaddisa boo’ichaa kan iyyaaffattu ta’uu ibsa.

## 4.2.9.Faaruu Boo’ichaa Yeroo Niitiin Dhirsa Faarsuu Wallaalte Ibsu

Aadaa Oromoo Arsii keessatti niitiin dhirsa du’e tokko faarsuu wallaaluun hawaasa biratti qaanii guddaadha. Kanarraa ka’uun yoo dhirsa walaloon faarsuu wallaalte ofii ishii walaloon qeeqxi.

Niitiin tantee tintimaa

Akka kankee maaltu himaa
Akki kankee akeekaa
Akka kee eennutuu beekaa
Akki bara  hinbeeksisuu
Akki kankee hinteessisuu
Akki siin jedhan guutee
Anatu afaan duudee
Inni bee mirga hindhabnee
Anatuu afaan hinqabnee
Ka dallawa kululee
Ka mana udumee
Warri  kee wal hinloluu
Warri si dhabe hintoluu
Ka gungumee hinhifannee
Ka dubbatee hinmufannee
Ka ilkaan mishiqqee
Ka dubbii qirixxee
Gaaleen huura daassitee
Huuruun tantee ana jaamsitee!

Hawaasa keessatti niitiin dhirsi irraa du’ee isa faarsuu wallaalte waan ummata biratti jibbamtuuf qoqqobbituu irra kaa’ama, wasiilli ishee hindhaalu, bakka boo’icha nama du’ee kamuu dhaquu hindadeettu, ija dubartootaa jalaa dhokatti, akka nama dhirsa ishee jibbeetti ilaallamti.Kanaaf, haala walii galaatiin walaloon daftee waa jechuun ishee dirqisiisa.Niitiin dhirsi irraa du’e faaruu boo’ichaatiin jaalala dhirsa ishee kanaaf qabdu ummata bakka du’a dhirsa ishee irratti argame sanaaf ibsuu yoo barbaadde guyyaa inni du’e sana walaloo sirna boo’ichaa waan  qopheeffachuu hindandeenneef taa’aan gaaddisa boo’ichaa akka hubatuufi isheenis dhirsa du’e kana fuursuu dadhabde walaloo niitiin dhirsa du’e faarsuu wallaalteen ibsatti.Haa isheen walaloon faarsuu wallaaltuu maleee, dhirsi ishee kun akkuma nama biroo qondaala ta’uusaa haala walii galaatiin bareechiftee sirritti ibsiti. Taa’aan gaaddisaallee akka isheen walaloon dhirsa faarsuu wallaalte hunduu yeroma sana hubataaf.Fakkeenyaaf Bo’oon $1^{ffaa}$fi $2^{ffaa}$ keessatti  “Niitiin tantee tintimaa, Akka kankee maaltu himaa” kan jedhu ergaan isaa  dubbii qolaa ‘akka’ jedhamutti fayyadamtee wallaaltuu ta’uu ishii, waa’ee dhirsa ishii beeksisuu dadhabuu, wanti dhirsa ishiitiin jedhan jiraachuufi ofii ishiitii garuu ibsuu akka hindandeenye ibsiti. Bo’oo $15^{ffaa}$fi $16^{ffaa}$ keessatti “Ka gungumee hinhifannee, Ka dubbatee hinmufannee” kan jedhu ergaan isaa kan yoo waa jedhu hinnuffine, kan yoo haasa’u hinaarre, kan dallawa naannawaa, nama jabaa kophaa ofii buluu, kan dhugaa dubbatuufi akkasumas duuti isaa ishee akka jaamse ibsa.

Akka Dasee (1992:33) ibsutti matummaan jiruufi jireenya hawaasaa keessatti inni dabarse ibsuu ilaala. Jechoonni gaheefi tattaaffii isaa, eenyummaafi maalummaa sadarkaa isaa, gabaabinatti kufaafi ka'umsa isaa waan kana fakkaatan balballeessa.

### 4.2.10.Faaaruu Boo'ichaa Dhirsa Aanaan Tuffatu Mormu Ibsu

Niitiin yeroo dhirsi aanaan tuffatu tokko du'u faaruu boo'ichaatiin aanaa isaa akka armaan gadiitti mormiti.

Waayyuu dhirsi rakasaa
Dhirsaa boonnaa nu caqasaa
Eega gurree lamaanii
Waayyuun adaa namaamii
Gurree lolaan geessanii
Waayyuu jalaa dheessanii
Warri si beeku sii haa boohuu
Warri si hinbeekne siin haa cuuruu
Ambaa jaarsattii takkaa
Anaa hajjaajjii Makkaa
Ambaa jaarsattii ruutuu
Anaa daa'ima guutuu
Durbicha abbaa Daaluu
Gabaabaa dheeraa caaluu
Yaanni na ta'e laaluu!

Niitiin dhirsi irraa du'e, dhirsi ishee tanaan dura aanaan tuffatamu guyyaa inni du'e sana taa'aa gaaddisa boo'ichaatiif mormii aanaa isaatiif qabdu faaruu boo'ichaatiin sirritti ibsiti. Fakkeenyaaf: Bo'oo $1^{ffaa}$fi $2^{ffaa}$ keessatti "Waayyuu dhirsi rakasaa, Dhirsaa boonnaa nu caqasaa" kan jedhu ergaan isaa waayyuutti dhirsi kabajaa akka hin qabne, dhirsi ishii namni tuffatus ishee nama kabajamaa, nama guddaa yookiin jabummaa isaas namni beeku akka jiru ibsa. Bo'oon $10^{ffaa}$fi$11^{ffaa}$ keessatti " Ambaa jaarsattii takkaa, Anaa hajjaajjii Makkaa" kan jedhu ergaan kan isaa namni ormi akka nama baay'ee xiqqaafi jaareettitti isa ilaalu isheef abbaa amantaa, kabajamaafi umriin daa'ima akka ta'e, kan namni akka nama jaanjootti ilaalu isheef nama baay'ee hayyyuu akka ta'eefi gabaabbatus yaadaan yookiin hojiin nama dheeraa akka caalu ibsa.

### 4.2.11.Faaruu Boo'ichaa Aanaa Dhirsa Diinni Ajjeeseef Akka Haluu Baasaniif Ibsu

Niitiin dhirsa ishee diinni ajjeese haloo dhirsa ishee kana gosti isaa akka baasuuf faaruu boo'ichaatti gargaaramtee akka armaan gadii kanatti ibsatti.

Gariin hubata dhufa
Gariin gubata dhufa
Gaafa nugusni du'e
Silimii watuu nu bu'e
Maqaan natti qajeelee
Maqaa dhahuu kajeelee
Gaafa Nageesso du'e
Bakakkaa lamatu bu'e
Tokko namatti bu'e
Tokko manatti bu'e
Nageessoon du'e hingaluu
Nageesso bade garuu
Uunshotuu baasa haluu
Aalutoon jirti aartuun
Wanti sii godhu hinjiruu,gaaffiin sitti haa laaftuu!

Niitiin dhirsi irraa du'e dhirsa ishee ormi yookiin alagaan yoo jalaa ajjeese aanaa dhaalaa, gosa goshoo, firaa hiriyyaa, warraa warii dhirsaa maqaa dhahuudhaan akka isaan haluu dhirsa ishee kan diinni jalaa ajjeese sanaa baasaniif bakka boo'ichaatti guyyaa awwaalaa gaaddisatti walaloon boochisaa gaafatti. Fakkeenya: Bo'oon 1ffaa fi 2ffaa keessatti "Gariin hubata dhufa, Gariin gubata dhufa" kan jedhu ergaan isaa du'a dhirsa ishii kana namni tokko tokko akka qe'ee ofitti dhaga'ee boo'icha dhufuufi tokko tokko immoo, gaafachuuf dhufee du'uu isaa akka tasa dhaga'e ibsa. Bo'oo 5ffaafi 6ffaa keessatti " Maqaan natti qajeelee, Maqaa dhahuu kajeelee" kan jedhu ergaan isaa maqaa nama ajjeesan sanaafi gosa isaa waamuun akka isaan haluu baasan, guyyaa dhirsa ishii ajjeessan sana nageenyi akka diigamee meeshaalee gurguddaan erga wal waraananii booda badiin guddaan namaafi qabeenyarra akka gahe, dhirsi ishii du'e sun kan galuu hindandeenye ta'uufi haloo dhirsa du'ee kana gosti isaa baasuu akka danda'u ibsa.

### 4.2.12.Faaruu Komii Agarsiisu

#### 4.2.12.1.Faaruu Boo'ichaa Niitiin Komii Dhirsaa Ittiin Ibsattu

Niitiin dhirsi irraa du'e takka dhirsa ishee sana yeroo inni jiru yoo kan komatte ta'e komii ishee kana faaruu boo'ichaatti gargaaramtee akka armaan gadiitti ibsatti.

Ani qaraa hojja bulaa
Warri kankee hafe qullaa
Kiyya manni qarii

Badde niitiin marii
Ani qaraa qeerroo
Badde niitiin leelloo
Badde birriin boorsaa
Badde niitiin boonsaa
Ani qaraa suulaan bulaa
Suuraaf mataa sii muraa
Hudda niitii fuutee
Qaataa narraa guutee
Har’a guyyaan dhufnaan,dhuftee na biratti duutee
Cadhisee taa’uuf , raaddan teettu na bitee
Ciccitee boo’uuf , garatuu na citee
Anarra duraa duutee
Sii haa boottuu magaalleen fuute
Niitiin ati boonsite
Waa du’a si oolchitee?
Shaggiyyoon ati dhaamatte
Afurtamatti dhaalamtee
Durbichatti dhaalamtee
Gad bahuu saalfattee.

Niitiin dhirsi irraa du’e faaruu boo’ichaatiin waan dhirsi sun yeroo lubbuun jiru ishee miidhe yookiin isheerraan gahe guyyaa gaafa inni du’e sana taa’aa gaaddisa boo’ichaatiif tokko tokkoon ibsiti. Fakkeenyaaf:Bo’oon $1^{ffaa}$fi $2^{ffaa}$ keessatti “Ani qaraa hojja bulaa, Warri kankee hafe qullaa” kan jedhu ergaan isaa niitii biroo irratti fuudhuu, kophatti ishee baasee gatuu, ta inni irraa du’e niitii lammaffaa ta’uu, isheen hangafaaa akka guursummeettitti tan kophaa bultu ta’uu, warri du’a isaa kanaan baay’ee gaddaan miidhame niitii quxisoo akka taate,isheen hangafaa soba mataa isaaf murachuu akka qabdu, gara nyaattoo walii kan hinqabne ta’uufi haalli dhirsaafi niitummaa gidduu isaaniitii erga dhabamee turuu isaa sodaa tokko malee kan ibsite ta’uu ibsa. Bo’oon $15^{ffaa}$fi $17^{ffaa}$ keessatti “Ciccitee boo’uuf, garatuu na citee, Anarra duraa duutee, Sii haa boottuu magaalleen fuute ” kan jedhu ergaan isaa sirriitti isaa boo’uuf garaan ishee akka irraa citeefi niitiin inni manatti du’e boo’uufii akka qabdu, niitiin isaa sun du’a akka oolchuu hindandeenyeefi niitii inni akka waadaatti dhaamate safuu cabsitee abbaa barbaaddetti dhaalamuun osoo yeroon hingahin ulfooftee nama keessa gadi bahuu akka saalfatte ibsa.

Akka Dasee (1992:31) ibsutti komii yoo jennu aanaa dhaalaa, gosaa goshoo, bitaa mirga isaaf wanta garaa nama hanqate, xooxoo komachuuf yookiin ufuu wanta ta’uuf hafeef ajiifachuu waan kana fakkaatan, kana malees isa du’e sanuu garaa hanqinaan yookiin komiin faarsuunis ni jira.

## 4.2.12.2. Faaruu Boo’ichaa Niittin Komii Masaanuu Ittiin Ibsattu

Niitiin dhirsi irraa du'e takka, dhirsi ishee kun mana masaanuu isheen walhinjaalannetti yoo du'e, faaruu boo'ichaatiin akka armaan gadiitti ibsiti.

Muttaaraa hinbitatanii
Haganumaaf hifatanii
Qooqa jedhanuu bahinnaa
Wayi qooqaafuu du'innaa
Daamaa baasaa jedhii
Jala na aansaa jedhii.

Niitiin dhirsi irraa du'e takka dhirsi ishee mana masaanuu isheetti yoo du'e faaruu boo'ichaatiin komii masaanuu dhirsi manatti du'e sanaa taa'aa gaaddisaatiif ibsiti.Fakkeenyaaf: Bo'oo $1^{ffaa}$ fi $2^{ffaa}$ keessatti "Muttaaraa hinbitatanii, Haganumaaf hifatanii" kan jedhu ergaan isaa dhirsi bitamuu akka hin dandeenyeefi kama hagana biraa du''uuf jibbanii kan jedhuufi tarii dhirsi du'e kun sababa niitiin mana inni galee qooqa baafteef du'innaa jeettee shakkii isheen qabdu ibsuu, waan du'a dhirsa ishee kanaaf sababa taateef masaanuu sanarratti murtiin du'aa akka fudhatamee isheen sun isa jala akka awwaalamuu qabdu ibsa.

## 4.2.13.Faaruu Boo'ichaa Niitiin Abdii Kutachuu Ittiin Ibsattu

Niitiin dhirsi irraa du'e takka dhirsa ishee sanarraa abdii kutachuu ishee faaruu boo'ichaatti gargaaramtee akka armaan gadiitti ibsatti.

Hiriyyaan tantee duudde
Dukkanni natti buutee
Hiriyyaan tantee dhuftee
Hireen si bira luftee
Fayyaan si balleessitee
Barsee si fakkeessitee
Dhibeen natti hinaaftee
Bootti tantee kilaafte
Abbaa farda odolchaa
Du'atuu nama mogolchaa
Abbaa ijoollee torbaa
Amma na dhuftee moggaan
Sariin bitaa guuranii
Saree nutti shuumanii
Biyya Shuumaa Tullee
Takka shuumamne nullee
Haga shaaramne mullee
Niitiin mataa muratte

Isiin gufuu gufatte
Gufuun mataa gubatte,
Deebitee hinmargituu
Niitiin mataa muratte
Shuumannata hinargattuu
Hudda na harkaa bahee
Dhibeetuu lafaan gahee
Anillee itti dabnee
Dhibetuu ta yaala hinqabnee
Warri kee maal sii hafe
Horii si jala afee
Moonatu nu diigamee
Garatuu nu biinxamee
Dur niitii seeraatii
Har'a niitii teedaati
Ka soddaa Shaammannaa Jiddoo
Anallee cittee hiddoon.

Dhirsi niitiif waa hunda. Fakkeenyaaf:Bo'oo 1$^{ffaa}$ fi 2$^{ffaa}$ keessatti "Hiriyyaan tantee duudde, Dukkanni natti buutee" kan jedhu ergaan isaa niitiin dhirsa hinqabne abdii, hiree, fayyaa, aangoo kan hinqabne ta'uufi du'uun isaa hiriyyaa isaa baay'ee kan gaddisiise ta'uu ibsa. Bo'oo 9$^{ffaa}$ - 12$^{ffaa}$ keessatti "Abbaa farda odolchaa, Du'atuu nama mogolchaa, Abbaa ijoollee torbaa, Amma na dhuftee moggaan" kan jedhu ergaan isaa yeroo inni jiru akka gaaritti bulaa akka turte, du'a isaatiin aangoo akka dhabde, erga inni du'ee namni isa hingeenye bulchaa akka jiru, du'a isaatiif baay'ee akka rifatte, deebitee aangoofi kabajaa akka hin arganne ta'uu ibsa.

Bo'oo 24$^{ffaa}$fi 25$^{ffaa}$ keessatti "Hudda na harkaa bahee, Dhibeetuu lafaan gahee" kan jedhu ergaan isaa sababa dhibeetiin du'uu isaa, dhibee isaa kana baay'ee kan yaalaa turte ta'uu, kanaafis fayyisuu kan hindandeeye, ishee bira darbee warri isaas yaala isaatiif horii baay'ee kan fixe ta'uu, sababa du'a isaatiin bultiin isaanii akka badefi garaan maatii isaa baay'ee kan rifate ta'uu ibsa. Bo'oo 30$^{ffaa}$fi 31$^{ffaa}$ keessatti " Moonatu nu diigamee, Garatuu nu biinxamee" kan jedhu ergaan isaa duuti isaa kun hidda ishee yookiin miiraa ishee kan miidhe ta'uu, dur niitii kabajaa qabdu ta'uufi amma niitii namni ishii tuffatu ta'uu ibsa.

# BOQONNAA SHAN

# 5. ARGANNOO, GOOLABAAFI YAAADA FURMAATAA

Boqonnaan kun dhimmoota hanga ammaa boqonnaa tokkoo kaasanii jiran walitti qabee kan guduunfuudha. As jalattis matadureewwan ijoo ta'an sadii dhiyaatanii jiru. Matadureen jalqabaa argannoo yoo ta'u, innis faayidaa qorannoo kanarraa argamu ibsuudha.Inni lammaffaan, goolaba yoo ta’u, innis akkaataa qorannoon kun kaa'een wantoota argaman kan eeruudha. Matadureen itti aanee jiru immoo, yaada furmaataati.. Yaada furmaataa jalattis, kallattiin fuulduraaf ta'uu malu qorataan kun qorannoo kanarratti hundaa'uun yaada isaa kaa’ee jira.

## 5.1. Argannoo

Aadaan sirna faaruu boo’ichaa Oromoo Arsii niitiin dhirsa faarsitu kun hawaasa Oromoo Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa qofaaf otuu hintaane, kanneen bakka biroo jiraataniifis bu’aa safaramuu hindandeenye kennaa jira.Faayidaan inni kennu dhaloota ammaafi dhufu aadaafi duudhaa hawaasichaa barsiisuun bu’aa guddaa buusa. Jabana kana rakkooleen jiran dhaloonni ammaa faaruu boo’ichaa niitiin dhirsa faarsitu irraanfataa dhufuun bal’inaan mul’ata. Kanaaf, yeroo ammaa haawwotiin Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa duudhaa qabanitti gargaaramuufi gorsuun hojjachaa dabaree dabarsaa nu qaqqabsiisan nutis haaluma kanaan cimnee cimsaa dhaloota dhufuuf dabarsuun dirqama lammummaa nurraa eegamu ta’uu qaba.

Waaan kana ta‘eef, tokkoon tokkoo Oromoo, maatiin, ollaan, gandiifi kanneen kanaa ol ta’an hundi duudhaa sirna faaruu boo’ichaa Oromoo Arsii niitiin dhirsa faarsitu dagaagsuufi xiyyeeffanoo kennuufidhaan akkuma abbootiifi haadholiin keenya nu qabsiisaniin duudhaa kana dhaloota dhufuun gahuun barbaachisaa ta’a.

Kanaafuu, qorataan kun namoonni qo’annoofi qorannoo gaggeessuurratti dandeettiifi muuxannoo qaban aadaafi duudhaa Oromoo boonsaa ta’e, sirna faaruu boo’ichaa Oromoo Arsii niitiin dhirsa faarsitu kana iddoo adda addaatti qoratamee akka naannoo Oromiyaatti kan waalta’e barreeffamee dhaloota dhufuuf osoo olkaa’amee ykn qaamonni aadaafi tuuriizimii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaarratti

hojjataniifi hayyoonni Oromoo qorannoo gadi fageenyaa osoo irratti gaggeessanii olkaa'aniifi isaan dhokatanii jiran immoo, ifatti baasanii mul'isuu ni danda'u amantaa jedhu qaba.

## 5.2. Goolaba

Qorataan qorannoo kana erga gaggeesseen booda goolabaa armaan gadii kaa'ee jira.

- Sirna raawwii faaruu boo'ichaa Oromoo Arsii Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaafi qabiyyeewwan isaan ofkeessatti hammatan adda adda bahanii ni mul'atu. Akka waliigalatti faaruun boo'ichaa yeroo raawwatamu ulaagaa hordofu qaba. Akkasumas qabiyyee ofkeessatti hammatu qaba. Sirni hordofu kunis, yoomessa mataasaa danda'e kan qabuudha. Qabiyyeen faaruu boo'ichaa immoo sirna gaggeeffamuuf irratti hundaa'uun jechootaafi fakkoomii dhimma itti bahu akka qabu hubatameera.
- Faaruun boo'ichaa faaruu sagalee manshitaafi gadda coraa mataa hubuun ittiin ibsamu ta'uu tuqameera.Kunis midhaaginaan baafatamuuf akka sammuu hooqee, garaa raasee nama boochisu taasisa.
- Oromoon safuu qaba, safuu isaa nikabajata. Haawwonnifi manguddoon Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa sirna faaruu boo'ichaa irratti akkaataa barbaadeen namni hundi kan hirmaatu osoo hintaane, niitii dhirsi irraa du'eefi nama qondaala ta'eef dursa kenna.Itti aansuudhaan namni hundi dabaree isaa eeggatee faaruun waa jechuu nidanda'a.
- Haawwotaafi manguddoo Aanaa kanaa biratti ilaalchi aadaafi amantaa gidduu jiru walhubachuufi waldanda'uun beekamaadha. Haa ta'u malee garaagarummaan yaadaa bakka muraasatti akka mul'atu qorataan bu'aa qorannoo isaa keessatti hubateera. Kunis, ilaalchi aadaan amantaa koo miidha jechuun aadaa harcaasuufi dagachuun ni mul'ata.
- Sirna faaruu boo'ichaa Oromoo Arsii raawwachuudhaaf uffannaawwan aadaa, meeshaawwan aadaafi dhangaawwan aadaa guuttachuun aadaa ofii kabajuufi kabachisiisuun bal'inaan kaka'umsa hawaasaa keessatti ni calaqqisa.
- Haawwonniifi manguddoon aanaa kanaa akkuma aadaa Oromoo biratti beekamaa ta'e yeroo namni tokko du'e eebbatti fayyadamuun milkii qajeelfachuu, garaa waljajjabeessuun barsiifata iddoo olaanaa qabuudha.Barsiifata qofaa osoo hintaane amantaa guddaas eebbarraa qabu.
- Haawwonniifi manguddoon Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa yeroo sirna faaruu boo'ichaa raawwatan meeshaalee boo'icha sana keessatti akka fakkoomiitti (symbolic) gargaaraman hedduu qabu.

- ❖ Faaruun boo’ichaa aadaa Oromoo Arsii keessaa kan haawwonni gadda isaanitti dhaga'ame dhaloota amma jiruuf ittiin qoodu ta’uun isaa hubatamee, haawwonnis qaxxaamursuuf, dhaloonni amma jirus simatee fudhachuu dhabuun qabiyyeen afoola yeroodhaa yerootti keessaa harca’aa akka deemuuf sababa guddaa ta’eera.
- ❖ Niitiin dhiirsi irraa du’e faaruu boo’ichaa fayyadamtee kabajaafi ulfinaa, hayyummaa, durummaa, gootummaa, hawwii, haqaa, arraba wasiilaa, arraba masaanuu, yeroo faarsuu wallaalanii, tuffii aanaa, aanaa dhirsaa faarsuu, komii dhirsaa, komii masaanuufi abdii kutachuu niitiin dhirsi jalaa du’e faarsuun kan ittiin ibsattu ta’uun hubatamee jira.
- ❖ Malli qorannoo gosa kanaa kan ittiin qaacceffamu mala ergaa xiinxaluun hiikuuti. Kana jechuun mala odeeffannoowwan afgaaffiifi daawwannaan walitti qabaman gadi fageenyaan xiinxalamanii hiikni gama ergaan jiru kan itti kennamu waan ta’eef qorataan mala kanatti gargaaramuun odeeffannoowwan kallattii garagaraan argaman ragaa kennitoota ergaa isaa gaaffachuudhaan xiinxaluun hiikeera.Odeeffannoowwan karaa garagaraan walitti qabamanis dura walaloo kaa’ee dhumarratti ragaa kennitoonni akka isaan hiika itti kennanii akkaataa qoqqoodama isaaniin qoqqoodamuun ibsamaniiru.
- ❖ Qorataan qorannoo kana gama isaatiin osoo haawwonniifi manguddoonni Oromoo Arsii duudhaafi aadaa isaanii kan ta’e faaruu boo’ichaa Oromoo Arsii badaa jiru kana ijoollee isaanii barsiisanii faaruun kun deebi’ee guddata jedhee amana.Akkasumas, hayyoonni Oromoo qorannoo garagaraa osoo irratti gaggeessanii bifa hammayyaa ta’een dagaaguu danda’a jedha.

## 5.3.Yaada Furmaataa

Qorannoon xiinxala ergaa faaruu boo’ichaa Oromoo Arsii niitiin dhirsa faarsitu Godina Shawaa Bahaa Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa keessatti raawwataman irratti gaggeeffame, yaada furmaataa ijoo ta’an qorataan haala xiinxallii qorannoo isaa irratti hunda’ee qabxiiwwan ijoo armaan gadii eereera.

- ❖ Qabiyyeefi sirni faaruu boo’ichaa Oromoo Arsii haala hawaasa biratti hubatamuufi kabajamuu danda’uun adda bahee qindeeffamuun godaambaa keessa taa’uu qaba.
- ❖ Faaruun boo’ichaa haawwotaan bifa ragaan qindeeffamee yoo olkaa’ame dhaloonni dhufu duudhaa ummata Oromoo haala salphaadhaan irraa barachuu danda’a.Kanaaf, bifa ragaan qindaa’ee kuusaa qorannoo adda addaa keessatti walitti qabamuu qaba.
- ❖ Faaruun boo’ichaa Oromoo Arsii niitiin duraan dhirsa faarsaa turte qabiyyee qabiyyeedhaan qindaa’ee yoo olkaa’ame dhaloonni dhufufi qorattoonni kallattiidhaan isarratti hundaa’anii kalaqa haaraa akka uumatan bu’uura ta’uun gargaara.

- Haawwonni aadaa faaruu boo'ichaa jiru dhalootaaf qaxxaamursuuf yeroo kamiiyyuu kaka'umsa qabaachuufi dhaloonni jirus fudhachuuf qophaa'aa ta'uun baay'ee murteessaadha.
- Qaamni barate tokkummaadhaan fookiloorii (afoola) kallattii fuulduraatti tarkaanfachiisuu danda'uun qorannoo ragaa bal'aan qopheessuun olkaa'uu dha.
- Amantaafi aadaan bifa walsimannaa qabuun akka adeemuuf hawaasni marti gahee isa irraa eegamu bahuu qaba.
- Waajjiraaleen Aanaalee Oromiyaa garagaraa keessatti argaman walitti dhufeenya gaarii uumuun, qabxiiwwan faaruu boo'ichaa keessatti hawaasa gara yaada tokkootti fidan cimsuu qabu.
- Mootummaan amantaa, aadaafi siyaasa biyyattii giddu galeessaa godhachuudhaan hirmaannaafi deeggarsa barbaachisaa ta'e xiyyeeffannaan kennuu qaba.
- Qorannoo faaruu boo'ichaa Oromoo Arsii kana ka'umsa godhachuun qorataan duubarraan dhufus hanqina qorannoon kun faaruu boo'ichaa kana ilaalchisee qabu fooyyessuun gahee mataa isaa gumaachuu qaba.
- Kitaabileen wabii maalummaafi sirna faaruu boo'ichaa Oromoo Arsii irratti ragaa gahaa kennuun dhaloota duubaan dhufan amansiisuufi hubachiisuu danda'u otoo qophaa'ee baay'ee filatamaadha.
- Dhaabbileen barnootaa, haawwota, manguddootaafi ogeeyyiin waajjira aadaafi turiziimii walta'anii walqunnamtii gaarii uumuudhaan faaruuwwan boo'ichaa jiran otoo qindeessanii ragaan gahaan akka argamu ni taasisa.

## Wabiilee

Abarraa Nafaa,Nagaash Tolasaafi Warquu Dachaasaa (1999). *AfoolaOromooTuulamaa*

*(Jildii II Finfinnee:* Biiroo Aadaafi Turiizimii Oromiyyaa

Addunyaa Barkeessaa (2011).*Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo Hujoo***.** Finfiinnee, Elleni P.P.PLC

Alamaayyoo Faqqadaafi kan biroo (2009). *Bu'uuraalee Ogbarruu (AFOL 201).*Kan hinmaxxanfamne. Yuunivarsiitii Jimmaa.

Asaffaa Tafaraa (2011) .*The Hug-resitance poetery*.USA: Indiana University Press.

Berg ,B. (2001). *Qualitative Research Methods for the Social Sciences***.** California:State University Longbeech Bes.j.

Berhanu Matthews (2009. *Fundamentals of Literature.(2ed.)*Finfinne:A.A.U. press.

Bukenya, A. (1994**).** *Understanding Oral Literature*. Nairobi: University press.

Cerulli, E. (1922). The Folk Literature of the 'Oromo' of southern Abyssinia. Harvard African studies

Dasee Goobanaa (1992). Faaruu Booyaa (fuula 24-34) *Wiirtuu* Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo Biiroo Aadaa fi Turiziimii Oromiyaatti garee qormaata Afaan Oromootiin jildii 5ffaa Finfinnee.

Dnscanbe. N. (2007).*The Good Research Guide for Small Scale Social Research projects.* (3rd ed.).New York: Open University press.

Dorson ,M. (1972). *Folklore and Folke Life***.**Chicago: Chicago Universty press.

Dundes, A. (1965) .*The study of Foklore*: Berkelery: Prentice Hall.Inc.

Eshete Gemeda (2007). African society and egalitarian values: Oromo folklore literature and cultural Studies in a contemporary context (Ph. D thesis Syddansk University).

Fedhasaa Taddasaa (2013). *Bu'uuraalee Ogbaruu Oromoo*. Finfinnee: Subi printing press.

Finnegan, R. (1970*). Oral Literature in African*. Nairobi: Nairobi University press.

George, R.A. & Jones, M.O. (1995). Folkloristics:An Introduction. USA Indiana University Press

Misganuu Gulummaa (2011). *Dilbii: Bu'uura Afoolaa*. Ogafaaniifi Afwalaloo Oromoo.Finfinnee.

Nunan,D. (1992). *Resarch Method in Language Learning*.Cambridge:Combridge University Press.

Summer,C. (1996). *Oromoo Wisdom Literature:* Oromo Folktalers Addis Ababa: Central printing. press.

Tafarii Nugusee(2005). Dagaagina Ogbarruu Afaan Oromo (fuula 179-205)*Wiirtuu* Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo Biiroo Aadaafi Turiziimii Oromiyaatti garee qormaata Afaan Oromootiin jildii 10ffaa Finfinnee.

William, M.K.(2006). Social research methods. Colorado :Colorado state University.

**YUUNIVARSIITII SAAYINSIIFI TEEKNOLOOJII ADAAMAA**
**MANA BARUMSA NAMUMMAAFI SEERAA**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO**

**DABALEE (DUUKA BUUTUU) A**

AFGAAFFII HAAWWOTAAF DHIYAATE

Kaayyoon gooroo afgaaffii kanaa, ergaa faaruu boo'ichaa niitiin dhiirsa faarsitu xiinxaluu dha.Hirmaannaa keessaniif galatoomaa isiniin jechaa gaaffilee amma isinii dhiyaatuuf dhuunfaa dhuunfaan yaada amansiisaa ta'e akka naaf kennitan abdii guutuun isin irraa eega. Kabajaafi obsaan waan odeeffannoo kana naaf kennitaniif baay'ee galatoomaa! Isiniin jedha.

**Kutaa I. Odeeffanoo Dhunfaa Haawwotaa**

Maqaa____________________________________

Aanaa______________________, Ganda ___________________

Saala _________________, Umrii __________________

Haala Fuudhaafi Heerumaa_________________________

**Kutaa II. Gaaffilee Dhiyaatan**

1.Gaafa dhirsi tokko du'e bakka kamitti sirni boo'icha nama du'ee gaggeeffama?

- ______________________________________________________________________

2.Faaruu boo'ichaa yoo dhirsi du'e faarfamu yeroo biroo yeroo akkam akkamii faarfama?

- ______________________________________________________________________

3.Erga namni tokko du'een booda haalli gufufaa yookiin gaddaa niitiin dhirsa du'eef gootu maal fakkaata?

- _____________________________________________________________________

4. Haalli uffata yeroo boo'ichaa niitiin dhirsi irraa du'e uffattee bakka du'aa tokko itti deemtu akkami?

- ______________________________________________________

5.Erga dhirsi du'een booda, niitiin dhirsi irraa du'e haala akkamiitiin bultii ishee qabatti?

➢ ____________________________________________________________

6.Niitiin dhirsi irraa du'e haalli isheen hariiroo jiruufi jireenya hawaasa wajjiin qabdu maal fakkaata?

➢ ____________________________________________________________

7.Niitiin dhirsi irraa du'e takka mirgi isheen dhiira ofiishee barbaaddetti filattee dhaalamuu hawaasa keessatti akkamiin raawwatama?

➢ ______________________________________________________________

8.Niitiin dhirsi qondaala ta'e tokko irraa du'e yoo faaruudhaan walaleessitee faarsuu wallaalte maal jettee bootti?

➢ ____________________________________________________________

9.Niitiin dhirsi irraa du'e wasiila ishee dhaaluu danda'u sana akkam jettee faarsuudhan guyyaa dhirsi du'e arrabsiti?

➢ ______________________________________________________________

10.Niitiin dhirsi irraa du'e waa'ee dhiirsa ishee du'ee komii qabdu maal jettee ibsatti?

➢ ___________________________________________________________________

**YUUNIVARSIITII SAAYINSIIFI TEEKNOLOOJII ADAAMAA**

**MANA BARUMSA NAMUMMAAFI SEERAA**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO**

**ADABLEE (DUUKA BUUTUU) B**

AFGAAFFII MANGUDDOOTA DHIIRAATIIF DHIYAATE

Kaayyoon gooroo afgaaffii kanaa, ergaa faaruu boo'ichaa niitiin dhirsa faarsitu xiinxaluu dha.Hirmaannaa keessaniif galatoomaa isiniin jechaa gaaffilee amma isinii dhiyaatuuf dhuunfaa dhuunfaan yaada amansiisaa ta'e akka naaf kennitan abdii guutuun isin irraa eega. Kabajaafi obsaan waan odeeffannoo kana naaf kennitaniif baay'ee galatoomaa! Isiniin jedha.

**Kutaa I. Odeeffanoo Dhuunfaa Dhiiraa**

Maqaa_______________________________________________________

Aanaa______________________, Ganda ____________________________

Saala ______________________, Umrii _________________________

Haala Fuudhaafi Heerumaa ________________________________________

**Kutaa II. Gaaffilee Dhiyaatan**

1. Niitii dhirsi irraa du'e seerri gufufa baasuu akkamiin gaggeeffama?
➢ ______________________________________________________________________
1.1. Eenyutu gufufa baasa?
➢ ______________________________________________________________________

1.2. Maaliin gufufa baasu?

➢ ______________________________________________________________________

2.Niitii dhirsi irraa du'e seera akkamiitiin wasiilatti dhaalamti?

➢ ______________________________________________________________________

3. Niitiin dhirsi irraa du'e takka erga dhaalamteen booda, seerri wasiila gaggeessuu maal fakkaata?

➢ ______________________________________________________________________

4.Haalli qoqqoodamiinsa meeshaalee yookiin qabeenya dhuunfaa dhirsa du'ee akkamii gaggeeffama?

➢ ______________________________________________________________

4.1 .Akka aadaatti meeshaan kun eenyu fa'aaf kennamuu danda'a?

➢ ______________________________________________________________

5.Niitiin dhirsi irraa du'e osoo seeraan gufufa hinbahin yookiin hindhaalamin yoo safuu cabsitee nama biroo waliin walqunnamtii koornayaa gaggeessite maal godhu?

➢ ______________________________________________________________

6.Gaheen faaruun boo'ichaa niitiin dhirsaaf faarsitu hawaasa keessatti qabu maali?

➢ ______________________________________________________________

7.Yeroo niitiin dhirsa irraa du'e tokko faaruun faarsitu wasiilli gaheen isaa maali?

➢ ______________________________________________________________

8.Yeroo namni tokko du'e akka aadaatti eenyuun eebbisu?

➢ ______________________________________________________________

## YUUNIVARSIITII SAAYINSIIFI TEEKNOLOOJII ADAAMAA
## MANA BARUMSA NAMUMMAAFI SEERAA
## MUUMMEE AFAAN OROMOO

## DABALEE (DUUKA BUUTUU) C

AFGAAFFII HOJJETTOOTA OGEEYYII WAAJJIRA AADAAFI TURIZIIMIITIIF DHIYAATE

Kaayyoon gooroo afgaaffii kanaa, ergaa faaruu boo'ichaa niitiin dhirsa faarsitu xiinxaluu dha. Hirmaannaa keessaniif galatoomaa isiniin jechaa gaaffilee amma isinii dhiyaatuuf dhuunfaa dhuunfaan yaada amansiisaa ta'e akka naaf kennitan abdii guutuun isin irraa eega.Kabajaafi obsaan waan odeeffannoo kana naaf kennitaniif baay'ee galatoomaa! Isiniin jedha.

**Kutaa I.  Odeeffanoo Dhuunfaa Ogeessotaa**

Maqaa_______________________________________________________

Aanaa______________________ ,Ganda_____________________________

Saala ______________________, Umrii____________________________

Sadarkaa Barnootaa_______________________________________________

**Kutaa II. Gaaffilee Dhiyaatan**

1Faaruun Oromoo Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaa yeroo dhirsi du'e niitiidhaan faarfamu ergaan isaa maal fa'a?

- ____________________________________________________________________

2.Faayidaa faaruuwwan kunniin dhaloota ammaaf qabu maal fa'a?

- ____________________________________________________________________

3.Faaruun boo'ichaa yeroo durii gaafa dhirsi tokko niitii irraa du'e faarfamu yeroo ammaa kana akkamiin raawwatamaa jira?

- ____________________________________________________________________

4.Aanicha keessatti haalli boochisuu dhirsa  du'e tokkoo gama dhiiraafi dubaraatiin maal fakkaata?

- ______________________________________________________________

**YUUNIVARSIITII SAAYINSIIFI TEEKNOLOOJII ADAAMAA**

**MANA BARUMSA NAMUMMAAFI SEERAA**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO**

**DABALEE (DUUKA BUUTUU) D**

Kaayyoon gooroo daawwannaa kanaa, ergaa faaruu boo'ichaa niitiin dhirsa faarsitu ilaalanii xiinxaluu dha.

Mirkaneeffannoo Daawwannaa Sirna Boo'ichaa Yeroo Dhirsi du'ee Niitiin Dhirsa Faarsitu Qophaa'e.

Qorataan gaaffilee armaan gadiitti tarreeffate kana haala qabatamaa faaruu boo'ichaa Oromoo Arsii Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaatti itti raawwatu daawwachuun ragaalee barreessuufi suuraa kaasuu walitti qabachuu fedhe.

| T/L | Qabxilee daawwannaa kana keessatti xiyyeeffatamuu qaban | Deebiiwwan akka filannootti kennaman | | Ibsa daawwannicharraa argaman |
|---|---|---|---|---|
| | | Eeyyee | Mitii | |
| **1** | Gaaddisni yookiin naannoo qe'ee boo'ichaa sun haalli isaa maal fakkaata. | | | |
| 2 | Meeshaa manguddoon qabatee boochisuufi jechi ittiin boochisan bakka walbu'aa. | | | |
| 3 | Yeroo niitiin dhirsa ishee faaruudhaan walaleessitee faarsitu taa'aan gaaddisa boo'ichaa akkamitti caqasa. | | | |
| 4 | Meeshaa haawwonni kunniin qabatanii boochisaa jiran ofdanda'ee ergaa ni dabarsaa. | | | |
| 5 | Oromoo aanaa kanaa biratti haalli boo'ichaa yeroo ammaa kana maal fakkaata. | | | |
| 6 | Dhirsi du'e yoo niitii heddu qabaate akkamitti wal dabareen isaan wal caqasuun faaruudhaan faarsuu. | | | |
| 7 | Akkaataa taa'umsa gaaddisa boo'ichaa kan dhiiraafi dubaraa akkami. | | | |
| 8 | Nama qondaala ta'eef hintaanee haalli boo'ichaa akkamiin gaggeeffama. | | | |

**YUUNIVARSIITII SAAYINSIIFI TEEKNOLOOJII ADAAMAA**
**MANA BARUMSA NAMUMMAAFI SEERAA**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO**

## DABALEE (DUUKA BUUTUU) E

Faaruun boo'ichaa Oromoo Arsii niitiin dhirsa faarsitu Godina Shawaa Bahaa Aanaa Adaamii Tulluu Jiddoo Kombolchaatti qabiyyee adda addaa ofkeessaatti qabata.

## 4.2. Qabiyyee Faaruu Boo'ichaa Oromoo Arsii Niitiin Dhirsa Faarsitu

### 4.2.1.Faaruu Boo'ichaa Kabajaafi Ulfinna Dhirsaa Ibsu

Hoolee kiyyaa, hoolee kiyyaa
Muttaaraa kiyyaa, muttaaraa kiyyaa
Garbuu nyaate naqasaan
Galtanii nu hamattanii ,dhirsa faarsinaa nu caqasaa
Gaaddisa narraa du'e
Kabaja narraa bu'e
Nugusni Shawaa bu'e
Nugasa narraa du'ee
Nugusatu algaa bu'e
Dhirsatu narraa du'e
Ulfinnii karraan bahee
Salphinni narra gahee
Makkallaa afaan golaa
Makkalli dhirsaan tolaa
Qallinni jilbaa gadii
Salphina dhirsaa badii
Niitiin dhirsa hinqabne
Seensa gandaa saalfatti
Karra namaa dhaabbatti

Intalli dhirsa hinqabne
Karra bitimaa hinqabnee
Hiyyeeyyiin lafaa hinbaanee
Hiyyeeyyii jedhan taanee
Muunjaleen nutti seentee
Hinjirreen nu kajeeltee
Gurraacha akka Waaqaa
Afaan maal qabaa qaaqaa
Mee takkaa sii lallabaa
Lallabee maal dhaqqabaa
Baddaa Bantee Badhaasoo
Duuti maqaan dhamaasoo
Du'a maqaan shullitee
Beerri tantee mullitee
Du'aafuu sin irbinee
Qaruma sin jibbinee
Biyya mataa cabsitee
Keessaan natti dabsitee
Odoo galtee argitee
Qe'een tantee banjii margitee
Ka soddaa Daawwee Abbiyyuu
Ka booyuuree ka iyyuu
Silaa iyyee maraadhaa
Warra keetiifuu makkadhaa
Imimmaan maaltu dhibe
Kan dhiiga makuu dide
Mar'imaan maaltu dhibe
Kan cite bahuu dide
Eda dhirsa argadhee
Har'aa dhabee salphadhee
Shaggariin karaan fagoo
Biyyee hin nyaatin yaboo!

### 4.2.2. Faaruu boo'ichaa Jaalala Dhirsaa Ibsu

Ciniinnaan ana qabee
Ciniinnachuu dadhabee
Ka sangaan saalaa baase
Waaqatu saalaa na baasee
Daa'ima na guddisee
Wareen ana mudhisee
Nama du'aan hinmallee
Nama du'etuu hingallee
Giggishaa loontu bitaa
Mimmishaan warra didaa
Nyaara malee na hindhaanu
Leelloo malee na hinwaamuu
Harooressaan bobbaasa

Yeroo soqaa dhaqu,harooressa natti caasa
Tiksetuu narraa baasa
Durba ammaatii ulee sunuu baasa
Gurraacha bifa Waaqaa
Abbayyiin gosa haadhaa
Banii hundatu jaalata
Garatu na laalata
Yeroo lafaan lolaanii
Yeroo nafaan tolanii
Akka waan wallaalanii
Bakka kankee na hinawwaalanii.

### 4.2.3. Faaruu Boo'ichaa Hayyummaa Dhirsaa Ibsu

Hayyuu qe'ee hinoolle
Hayyuu arrabni hinqoorre
Hayyuu halangee muxaa
Abbayyaa deemsa suutaa
Taa'u barcumaa guutaa
Dhiqannaan lafa tuutaa
Gali ilmatti nuu fuutaa
Suufii malee hinuffatu
Qurxii malee hindubbatu
Shabbeenni kankee lamaa
Takka ta yaabbii fardaa
Takka ta dubbii ambaa
`Kan awwaalanii mitii
Kan mana kaa'atanii
Kan mala gaafatanii
Awaalli karaa keessaa
Kan malli garaa keessaa

### 4.2.4.Faaruu Boo'ichaa Durrummaa Dhirsaa Ibsu

Muttaaraa korma gaafaa
Gaafaa kana nama daafaa
Hiyyeessa boo'uu mitii
Dureessa boonuu mitii
Abbaa fardoo daamotaa
Abbaa sangoota gaarrotaa
Abbaa mirgoo kurkuraa
Dhibba fooyee gurguraa
Ka damma malee, hinbulbulle
Ka dhibba malee, hingurgurre

Ka soddaa soolee allayyoo
Addaa qabaa mallayyoo
Dureessa garaa mooraa
Gurguddaa waliin oolaa
Gaagurri kee torbaatamaa
Ka baaftuun torbaan lamaa
Bolaaleen kankee lamaa
Gaabii kankee saddeettamaa
Kana haa dhabu hamaan namaa
Dureessa moonaa godaa
Sangaan fuunduree qotaa
Ka soddaa abjaataa diidaa
Abbaa sangaa mandiidaa
Fuundureen sangoolee
Balbalti dhaltoolee
Akka fedhe bobbaasa
Malkaa fedhe obaasa
Korma fedhe kolaasa
Obboroo subii yaasa
Yowaa margatti caasa
Hennaa quufe dachaasa
Loon dhiiraa malkataa
Malkaa duudee mar'ataa
Sooressi malkaa duudee
Maayessi booruu xuuxee
Abbaa arroon bookkisu
Loowwan namaa hinboochisuu?
Hiraphee margi jigee
Loon kankee malli dhibee
Osoo afaan beekanii
Gaaf du'a kankeetii,
Loonuu marga hindheedanii.

### 4.2.5. Faaruu Boo'ichaa Gootummaa Dhirsaa Ibsu

Gooftaa kiyyaa
Gaara kiyyaa
Goota ija qaanqee
Ka yaabbata gaangee
Ka soomayyuu shifiniinaa
Goota ija finiinaa
Leenca qaamni shubbisu
Goonni uggee hindubbisuu
Manni afaan karaatii
Lolaa akka xaraatii
Hiriyyaan garaa beektii
Shanii ergattee eegdii
Gaafa lola Kombolchaa

Dhiira onnee tokkichaa
Diina qabee fonqolchaa
Hennaa lola Mitoo
Harki lachuu itoo
Farda jala  gaffisee
Saanjaa itti fannisee
Halangee qaxxisiisee
Dabeeyyii cadhissiisee
Abbaa farda arreedaa
Hennaa lolu bareedaa
Abbaa fardoo lamaanii
Booriin ka hennaa lolaa
Gaangeen ka hennaa qoraa
Abbaa halangee lamaanii
Takka ta beeraan koofanii
Takka ta fardoon oofanii
Qooyyee mana Hangaatuu
Ka waan qooqe fakkaatu
Micciirraa malee hinnyaatuu
Goota sideettee haatuu
Nama nyaanni hingabbifne
Nama  yaanni hinraffifne
Nama arriin waraante
Nama lammiin sodaatte
Mukni balbalaa kufee
Malli babbadaan dhufee
Hudda ati duutee
Wanti babbade guutee
Gaangeenii fatoon baate
Sakaallaa malee yaatee
Nadhiinii fatoon baate
Akkuma ofii jette taate
Daanyaallee fatoon baate
Hulema seeneen nu nyaatee
Ka goshoo Badhaanee Muddee
Ijatuu na jalaa qurxee
Ija qeeransa dutee
Ijatu na jalaa kutee
Goota homaa hinsodaanne
Maandhaa araddatti dhiifnee biraa godaanne

### 4.2.6.Faaruu Boo'ichaa Hawwii Dhirsaa Ibsu

Gaara kiyyaa ,gaaraa mitii labbaa
Gaariin kiyya dhirsaa mitii abbaa
Abbaa durba kurkuraa
Durba eennutu gurguraa

Durbi heeruma hinooltuu
Gaafa gurguraa koottu
Abbaa durba kurkuraa
Damma eennu bulbulaa
Durba eennu gurguraa
Durbi heeruma hinooltuu
Wayaa uffattaa koottu
Ka manni gooba irraa
Durba gurgurraa birraa
Durbi heeruma hinooltuu
Waliin gurgurraa koottu
Niitiin muttaaraa hinqabne,
Luka jala shaakkatti
Gadi baatee dhaabatti
Waamsa isaa qaabatti
Ajoon karraa rarra'ee
Waamsa kankee dharra'ee
Daalachaan garmaaminnaa
Yoo gale naa waaminnaa
Okolee raaseen dhaltee
Nuu gali qe'een baddee
Qe'een na badde jedhii
Masoon gammadde jedhii
Ijoollee yaade jedhii
Niitii araade jedhii
Badee jiraa naa gali
Dahee jiraa naa qali
Osoma arma jirtuu
Galti anaa haa dhibduu
Kaatee galtu beekaa
Balbalaa taa'ee sii eegaa
Shaggariin dhaquu hinbeekuu
Kararra bahee eeguu
Lafa lafaan cufanii
Keessaan walitti dhufanii?
Silaa dhufee si argaa, boollatuu xurree hinqabnee
Silaa dhalee sii ergaa, araatatu harree hinqabnee
Urgee tee natti qoofte
Fooliin tee natti dhoofte
Itillee lafa bultuu
Rimmiti ana haa murtuu
Hurriin natti haa bu'u
Bakka kee ani haadu'u
Makiinaa qe'ee marsee
Ana haa baatu nabseen
Nugusni Shawaa jiraa

Nugusni kiyya simaa
Gaarri lamaan wal qabee
Gaarii lamaantu wal dhabee
Biyya dhaqanii mitii
Hindhaqu jedhii didii
Baroodaa akka kormaa
Hindhaqin biyya ormaa
Biyya sanuu hinbeektuu
Biyya cufattee teettu
Shaggariin karaan fagoo , adeemanii hingahanii
Boolla karaan fagoo, aseenanii hinbahanii
Biyyee hinyaatinii didii
Biyya hinyaadinii riphii
Atta sii ta'aa laataa?
Rimma hinyaatinii waadaa!
Akki sii ta'u hinjiruu
Jaannata sii haa hiruu

### 4.2.7.Faaruu Boo'ichaa Haqa Jiru Ibsu

Muttaaraan mutaa qabaa
Waan nama butuun qabaa
Muttaaraan mutaa qabaa
Du'atuu mudaa qabaa
Haga jirtu si shuumee
Du'a Rabbituu uumee
Ka soddaa Jiliinshaa Jiddoo
Duuti namaa hinbeektu dilgoo
Ka soddaa Asallaa Booruu
Asalli dhufa hinooluu
Qamadiin gumaa hinqabduu
Ta Rabbii gumaa hinqabduu
Gaara duubaan Heebanii
Waaqa gumaa hinreebanii
Urjii Waaqaa laala
Dubbii Waaqaa qaaqa
Qeeransa manni gaaraa
Du'atuu nama sakaalaa
Dukkana gardabaraa
Dukkana amba maraa
Aanaa Qajeelaa Obsaa
Jaarsi jaartii qorsa
Ta wallaaltellee gorsa
Gaaraan aduun qaarite
Kaarruu biyyeen gaadite
Gaaratu natti jigee
Waaqatuu natti fidee

## 4.2.8. Faaruu Arraba Agarsiisu

### 4.2.8.1. Faaruu Boo'ichaa Arraba Wasiilaa Ibsu

Hoolee kiyyaa
Muttaaraa kiyyaa
Dhirsi warqii mormaati
Wasiilli gogaa kormaati
Suuta goggogaa dhufa
Hancufaa badaa tufaa
Balbala gahee lufaa
Mee takkaa haalaa bahaa
Wasiila maqaa dhahaa
Abbaa durba sadiinii
Wasiilli kee sariinii
Dhirsotiin dhiiraa dhumtee
Dhirsotiin beeraa dhuftee
Ekeraan qe'ee tee teettu
Ekeeraa teetuu hingeettuu
Gaaddisoon qe'ee tee teettuu
Gaaddidduu teetuu hingeettuu
Wadala hinleejisinaa
Wasiila hinleellisinaa
Lafarraa nama kaasa
Finnarraa nama baasa
Mucaan ammaa hamaa
Dhaalti sunuu mamaa
Edaa na dhabanaasee
Jabbii haadhatti yaasee
Jabbileen haada hinqabduu
Ijoolleen yaada hinqabduu
Maluma kiyyaa beettuu?
Beerri san maraa hingeettuu
Wanti ani kana jedhuuf,udumeen nama nyaatti
Saldheen mirgarra yaatii
Ijoolleen mana saamtii
Hinjirreen nama dhaanti
Akka waan durba taanee
Ormi nurratti wal saamee
Ani gaangee magaalaa
Eennutu beekee na sakaalaa
Amma gola jira
Ammaa nattuu jiraa
Ani hingaluu manatti
Ani hinheerumuu lamatti.

### 4.2.8.2.Faaruu Boo’ichaa Arraba Masaanuu Ibsu

Kadhoon dhiiraa lamatuu
Takka daalattii leencaa
Takka barruu qeeransaa
Niitiin dhiiraa lamatuu
Takka magaala dooqaa
Takka diimtuu sabbooqaa
Gurraattii ottee Waataa
Abbaa fuudhetu beekaa
Beerri tantee Shananii
Beera tantee dhabanii
Yoo fuudhaa Shaniin geettee
Beerri tantee dachaatee teettee
Takka bakkaan si geette
Ka Abbayyittiin deettu
Ka Oliyyittiin okeettu
Diimaa tokko beektuu?
Ka niitiin nyaattee teettuu.

## 4.2.9.Faaruu Boo’ichaa Yeroo Niitiin Dhirsa Faarsuu Wallaalte Ibsu

Niitiin tantee tintimaa
Akka kankee maaltu himaa
Akki kankee akeekaa
Akka kee eennutuu beekaa
Akki bara  hinbeeksisuu
Akki kankee hinteessisuu
Akki siin jedhan guutee
Anatu afaan duudee
Inni bee mirga hindhabnee
Anatuu afaan hinqabnee
Ka dallawa kululee
Ka mana udumee
Warri  kee wal hinloluu
Warri si dhabe hintoluu
Ka gungumee hinhifannee
Ka dubbatee hinmufannee
Ka ilkaan mishiqqee
Ka dubbii qirixxee
Gaaleen huura daassitee
Huuruun tantee ana jaamsitee!

## 4.2.10.Faaruu Boo’ichaa Dhirsa Aanaan Tuffatu Mormu Ibsu

Waayyuu dhirsi rakasaa
Dhirsaa boonnaa nu caqasaa

Eega gurree lamaanii
Waayyuun adaa namaamii
Gurree lolaan geessanii
Waayyuu jalaa dheessanii
Warri si beeku sii haa boohuu
Warri si hinbeekne siin haa cuuruu
Ambaa jaarsattii takkaa
Anaa hajjaajjii Makkaa
Ambaa jaarsattii ruutuu
Anaa daa'ima guutuu
Durbicha abbaa Daaluu
Gabaabaa dheeraa caaluu
Yaanni na ta'e laaluu!

## 4.2.11.Faaruu Boo'ichaa Aanaa Dhirsaaf Akka Haluu Baasanii Ibsu

Gariin hubata dhufa
Gariin gubata dhufa
Gaafa nugusni du'e
Silimii watuu nu bu'e
Maqaan natti qajeelee
Maqaa dhahuu kajeelee
Gaafa Nageesso du'e
Bakakkaa lamatu bu'e
Tokko namatti bu'e
Tokko manatti bu'e
Nageessoon du'e hingaluu
Nageesso bade garuu
Uunshotuu baasa haluu
Aalutoon jirti aartuun
Wanti sii godhu hinjiruu,gaaffiin sitti haa laaftuu!

## 4.2.12.Faaruu Komii Agarsiisu

### 4.2.12.1. Faaruu Boo'ichaa Niitiin Komii Dhirsaa Ittiin Ibsattu

Ani qaraa hojja bulaa
Warri kankee hafe qullaa
Kiyya manni qarii
Badde niitiin marii
Ani qaraa qeerroo
Badde niitiin leelloo

Badde birriin boorsaa
Badde niitiin boonsaa
Ani qaraa suulaan bulaa
Suuraaf mataa sii muraa
Hudda niitii fuutee
Qaataa narraa guutee
Har'a guyyaan dhufnaan,dhuftee na biratti duutee
Cadhisee taa'uuf, raaddan teettu na bitee
Ciccitee boo'uuf, garatuu na citee
Anarra duraa duutee
Sii haa boottuu magaalleen fuute
Niitiin ati boonsite
Waa du'a si oolchitee?
Shaggiyyoon ati dhaamattee
Afurtamatti dhaalamtee
Durbichatti dhaalamtee
Gadi bahuu saalfattee.

### 4.2.12.2. Faaruu Boo'ichaa Niittin Komii Masaanuu Ittiin Ibsattu

Muttaaraa hinbitatanii
Haganumaaf hifatanii
Qooqa jedhanuu bahinnaa
Wayi qooqaafuu du'innaa
Daamaa baasaa jedhii
Jala na aansaa jedhii.

### 4.2.13. Faaruu Boo'ichaa Niitiin Abdii Kutachuu Ittiin Ibsattu

Hiriyyaan tantee duudde
Dukkanni natti buutee
Hiriyyaan tantee dhuftee
Hireen si bira luftee
Fayyaan si balleessitee
Barsee si fakkeessitee
Dhibeen natti hinaaftee
Bootti tantee kilaafte
Abbaa farda odolchaa
Du'tuu nama mogolchaa
Abbaa ijoollee torbaa
Amma na dhuftee moggaan
Sariin bitaa guuranii
Saree nutti shuumanii
Biyya Shuumaa Tullee
Takka shuumamne nullee
Haga shaaramne mullee
Niitiin mataa muratte
Isiin gufuu gufatte
Gufuun mataa gubatte,

Deebitee hinmargituu
Niitiin mataa  muratte,
Shuumannata hinargattuu
Hudda na harkaa bahee
Dhibeetuu lafaan gahee
Anillee itti dabnee
Dhibeetuu ta yaala hinqabnee
Warri kee maal sii hafe
Horii si jala afee
Moonatu nu diigamee
Garatuu nu biinxamee
Dur niitii seeraatii
Har'a niitii teedaati
Ka soddaa Shaammannaa Jiddoo
Anallee cittee hiddoon.

## YUUNIVARSIITII SAAYINSIIFI TEEKNOLOOJII ADAAMAA
## MANA BARUMSA NAMUMMAAFI SEERAA

## MUUMMEE AFAAN OROMOO

## DABALEE (DUUKA BUUTUU) F

**Maqaa Ragaa Kennitoota Sirna Faaruu Boo'ichaa**

| T/L | Maqaa Namootaa | Korn | Umrii | Ganda | Sadarkaa barumsaa |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Aadde Aayyoo Jargaa | Dub | 60 | Qarxafaa | ____________ |
| 2 | Aadde Michuu Eebbisoo | Dub | 62 | Arba | ____________ |
| 3 | Aadde Shaashuu Eebbisoo | Dub | 65 | Arba | ____________ |
| 4 | Aadde Tiyyaa Hasanaa | Dub | 61 | Bulbulaa 01 | ____________ |
| 5 | Aadde Lukkuu Hasanaa | Dub | 50 | Bulbulaa 01 | ____________ |
| 6 | Aadde Shuqoo Ganamoo | Dub | 68 | Abboosa 01 | ____________ |
| 7 | Aadde Qabballee Ganamoo | Dub | 59 | Kormee | ____________ |
| 8 | Aadde Balalii Nafoo | Dub | 65 | Kormee | ____________ |
| 9 | Aadde Bosee Bariisoo | Dub | 55 | Andoolaa | ____________ |
| 10 | Aadde Hawwii Goobanaa | Dub | 70 | Abjaataa | ____________ |
| 11 | Obbo Guutoo Nuuree | Dhi | 62 | Bulbulaa 01 | ____________ |
| 12 | Obbo Asaboo Saddiiqoo | Dhi | 68 | Kormee | ____________ |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| **13** | Obbo Dasii Jargaa | Dhi | 40 | Qarxafaa | ____________ |
| **14** | Obbo Fayyisaa Geerraroo | Dhi | 65 | Suuroo | ____________ |
| **15** | Obbo Qawweettii Buttaa | Dhi | 68 | Hurufa | ____________ |
| **16** | Obbo Baquudee Saddeeboo | Dhi | 65 | Kormee | ____________ |
| **17** | Obbo Waari'oo Usheexxoo | Dhi | 61 | Macafarraa | ____________ |
| **18** | Obbo Tunnee Badhaasoo | Dhi | 72 | Arba | ____________ |
| **19** | Obbo Tashaalaa Leenjisoo | Dhi | 40 | Baatuu 02 | Digirii |
| **20** | Obbo Saafawoo Nagawoo | Dhi | 42 | Baatuu 02 | Digirii |
| **21** | Obbo Kadiir Aabbittii | Dhi | 25 | Baatuu 01 | Digirii |
| **24** | Obbo Kadiir Galchuu | Dhi | 26 | Baatuu 01 | Digirii |

**IBSA**

**Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo kanaan dura yuuniversiitii kamiiyyuu keessattuu qorannoo eebbaatiif hin dhiyaanne ta'uusaafi wabiilee qorannoo kanaaf dubbisee irraa fayyadame hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo nan mirkaneessa.**

**Maqaa___________________________________**

**Mallattoo ________________________________**

**Guyyaa _________________________________**

**Ani akka gorsaa qorannoo kanaatti waraqaan kun qormaataaf akka dhiyaatu nan mirkaneessa.**

**Maqaa _____________________________**

**Mallattoo ___________________________**

**Guyyaa ____________________________**